Lak.bilbilaa 2410615 faaksi
Lak.poostaa 1419 Riyadh 111431

# QEESICHAAF SHEEKICHA



# QEESICHAAF SHEEKICHA

**Qopheessan: Qamar Huseen Elemnoo**

Mirgi seeran eegamaadha
*All Rights Reserved*

0917803570 ✉ 50514
*Finfinnee - Itoophiyaa*

بسم الله الرحمن الرحيم

# *SEENSA*

Ummannii oromoo jaarraa tokko dura amantiif addaa ufii kan qabu ta'uun isaa dhugaa mormii takkallee hin qabne.

yeroosana keessatti garuu tokkummaan saba-guddaa keenna kanaa hangam cimaa akka ta'e namoota seenaa beeki tan Hundaaf ifa waan ta'eef ba'yee dubachuu hin barbaadu.

Garuu wonta kana ta'eef namaa xiinxallaa qabuuf ifa kunis maaliif yoo jettaan

Ummnni aadaaf seenaa takkaa qobuuf amanti takka qobuu kan ilaalchii isaa wontoota tuqaame kanan gara gara hin ta'in tokkumaan isaanii gara kamiinu waan suphamaa to'eef diinni isaan injifachuu hin dan deene

Wontoota wol ta'anii murteesan namni qeesitti dhaqee dubbattee icittii baasuu waan hin jirreef.

Yeroo ammaa garuu Akkuma beekamu amantii addaa addaa qoba chuun isaanii dhiibbaa guddaa akka itti uumaa jiruu kama nu hunduu beeknu.

Garuu amma fallii qaban tokkoo qofa kunis hundi namaatuu wonta itti ammane tokko harhduma ol ka'ii gatii jedhanii dirquun gonkumaa hin dan'daamu. kana dhuga jennee yoo amannee qofa tokkummaan keenna kan durii kan deebiuuf.

Kanaafuu ummannii oromoon Hawwii tokkummaa keenna kanaa ufi keessatti uumu qobina.

Hawwiin kun yoo nu keessatti uumameen booda *jenaretion* kana kan gar-tokkotti jijjiru dan deennu.

Waaqeffanna durii kan yeroo bee kkooms amantii waaqaa ciminnaan hin jirree Abbootiin keenna irraa turaan fudha dha jechuun nama Hundaaf hin liqin famu waan ta'eef

Fallii jiru amantoota oromoonn keennaa yeroo ammaa qaban hundaaf ragoole isaanii wol dura qabine ogummaa sammuu barattee itti fayya damine lolaaf aarii yookaan amantii tokko diqqeessuu irraa fagaannee amantii dhugaa kan rabbiin wol nu qunnamsiiuuf kitaabaa waaqaa isaa dhugaa ta'ee tokko filannee fudhachu qabna.

Kana yoo goone saba keennaaf gumaata guddaa tokkoo gumaachineef jechu.

Anis yaaliin kiyyaa sabini kiyya aadaaf seenaaf amantiinillee tokkoo haa naa taa'uuf xaara malee amantii kamiiyyuu diqqeessuu gonkumaa Hawwii kan hin qabne ta'u sabni kiyya kabajamaan akka naa hubattan barbaada.

garuu xaariin kiyyaa nama dhugaa bar'baaduu Hunda Akkaa gammachsiisu Abidii guddaa qaba.

Kana yoo Jedhuu ammoo nama yaaliin kiyya kun isa hin fayyadne namoota lamaan eenuu Akka ta'an ifa godhee isinii ibisu malee hin dhiisu:

1ffaa

* Nama ragaa yoo dhiyeeffatu mcaafa dhiisee dhaamsa paastarii yoo kaan dhaamsa qeesii qofa qabatee ragaa godhatu.

**2ff aan**

- **nama mindaa mana amantti irraa kafalamuuf kan jiruu ufii kana qofaan geggesuudha [jiraatudha].**

## *Seera Mormii [Marii]*

Yooroo marii [mormii] amantii goonuu ragaa keennaa muslimoonnii qur'aana yookaan kitaaba jaraa irraa kiristaanonnis macaafa. keessan irra yoo dan ddeettan ammoo qur'aana keenna irraa dhiyeeffachuu dhaan akka dhugaa jallatee tokko taanee qajeelchinu isniifis ta'ee jaraafis dhaama Anis gama kiyyaan marii kiristaanota wojjin woggottii 15 ol godhaa ture kan edoo tokkotti qofaa macaafa kana irraatti xinxxallaan barreesse isiniif gumaa cheera.

garuu ijjaa dhugaa Argituuf onnee haqa hawwittun yoo dubbisan faaydaa gudddaa akka argattan abdii guddaa qaba.

*Nageenyii Rabbii nama dhugaa hordofu hunda irra haa jiraatu.*

*Dubbisa gaarii isinii haata'u*

*Hoo'aa!*

*Qopheessan: Abuu Saalih Qamer husseen*

*Finfinnee*

# Mata Duree

Macaafa kana maqaa isaa *QESICHAAF SHEEKICHAF* jedhee moggaaseera.

Maqaa Kana wonti miggaaseef Kitaaba kanaa keessatti sheekichaaf qeesichii mormii dinqisiisaa dheera waaan godhaniif.

Kanuma irraa ka'uudhaan namoonnii dhugaa barbaaddan hunduu gaafii isini mudha tee qeesota yookaan sheekkotaa Akkaa gaafataniif.

yoo deebii arga ttan milkii guddaa yoo deebi hin argatin ammoo maaf deebii akka dhabdan hubatanii ka hin beekinellee akka barsiisiiftaniif yaadeeti

Wantii barruu kana irratti dubbiiftan [mormiin] dubbiif tan kun dhugaa jirtuuf [qabatama] ta'uufi diraama akka hin taanee akka beekttan isiin hubachiisuu barbaada.

* Wonta isin dhibe tokkof gaafi yoo barbaaddan laakkofsa bilbila kiyya 0911708679 bilbilaa na gaafadha.

## YAADACHIISA

Yeroo mormiin amantoolee lamaanii godhamu macaafini ragaadhaaf itti fayyadamnuu qabnu kan amaareeffaa ta'uu qaba macaafni "qulqulluun" Afaan amaareffa irra gara oromeffatti bara 19----- hikkamee haala qabatamaa ta'een hiikkan isaa garaa garumtii qaba kanaafuu nuuf ragaa ta'uu hin danda'uu Sababiin kunis yeroo Jechoota macaafa qulqulluu amaaree ffaatiin barree fameef Hii kkaan macaafa qulqulluu oromiffa kan amaaareffattin gara garumtii qudda waan qabuuf.

Kana ammo yoo qulqulleefachuu barbaaddan Ximootoos 1.ffaa boqonna 2- laakkofsa 5 banadhaa laalladhaa.

Jechoonni eddo tanatti afaan amaareffatiif oromiffaan barreefamaan garaa garumtii qabaa.

Fakkeenyaaf eddoo kun qofiti nu gaha Jechaaf fadhanne malee eddoo baay'eetti gara garumtiin hedduu argameera.

Kanaafuu yeroo dhugaa barbaaduuf mormii \marii\ Jaraan godhuu barbaannee macaafa Afaan amaareffaatiin barree ffametti fayyadamuu qabina.

Yoma afaan jaraallee dubbisee wollaalee jarumaan eddo akkanaa nuu dibbisaa jennee jarumaa dubbisiissu qabna.

kanuma irraa ka'uu dhan maqaa boqonnoota macaafa qul qulluu afaanuma Amaareffatiin akkuma barroe ffamaniin fudhanneera mormiin cimaan gurguddaan phenxotaan wojji biyya tana keessatti eddoo Addaa Addaa titti godhamee macaafumaa Amaa reffaan barreeffame kanaan kan godhame

yoo ta'uu mormii godhame kanas oduu irraa hin dhidhisin akkumaa raawwaatameen macaafa kana irratti kunoo dhiyeesin neera

*Xiyyee Fannaa:-*

Yeroo kiristaa notaan wol morminu wonttoonni armaa gadii kun hubatamuun dirqama.

1ffaa

Macaafni qulqulluun jaraa kun bifti isaa heddu waan ta'eef

* kan bara1962 -Ameerikaa keessatti barreeffame kan boqonnoa- 66- qabuu kan "*Amerikan bebel socitiy*" Jedhame bee kamufi. Yookaan

* macaafa qulqulluu bara 1980 "ቀለል ባለ አማርኛ የተተረጎመ" Jedhamuudhaan kan beekamuuf

* Ahadu 81 kan jedhamu kan ortoodoksiin itti fayyadamtu

Ragaadhaaf dhiyee fachuu nidanddeenaa.

2ffaa:-

Namini kamiiyyu Amantiin isaatiif waaqini isaa Jalaa haa tuqa muu (haa arrabisamuu) waan hin barbaa nneef amantiif waaqa namaa arra bisuu irraa ufi ceguu qabina.

3ffaa:-

Haalli beekkomaan jara phenxota keesaa calanqisu tokko dhugaa arganii deebii yoo dhaban mata duree mormii sanii jijjiru [irran fachiisu] waan ta'eef kun akka hin taane dammaquu barbaachisa.

4faa:-

Mormataan mus limaa Amatii ufitiif qur'aana irraa beekumsa gahaa yoo hin qabuu ta'uu jarri yoo hubatan mormii ufi kana gara qur'aana qofatti deebisuu dhaan Rakkoo macaafa jaraa keessa jiru Akka dhokatu godhuuf waan yaalaniif mormiin keesan kun haaluma kamiinu gara qur'aana akka hin deebine godhuun barbaachisa.

5faa:-

mormataan islaama guyyaa mormiif [mariif] bahu hundaa injifannoo akka gonfatu rabbi arraba isaa akka dhugaa irraa dhaabuuf halkan keessa ka'ee rabbiin cimsee kadhatuu qaba.

# Boqonnaa 1ffaa
# Mormii dhugaa

***Akkaataa mormiin kiristaanota wojji godhame.***

***Phenxichaa:-*** Shekii! Goofiaa kiristoosin fudhadhuu hin fayyitaa.

***Sheekicha:-*** أعوذ بالله من الشيطان الرجيم

hiikkan:- Rabbitti maganfadha!

Fayyaa dhabi ati! duraan hin dhibameera dhageette? hin fyyitaa? Maal jechuuu keeti?

***Phe:-*** dhiifama jecha koo ni sirreessa kiristoosiin qobadha nimilkoof ta jannata waaqayyoo seenta.

***Sheeki:-*** ati mee eessatti nabeettaaf natti dubbata? Aniif ati wol beenna?

***Phe:-*** ani garuu si beekaa ati yoo na wollaaltes bay'ee na hin dinqu womaa miti kan anaa oliituu kiristoosiinu wallaalteertaa garuu innii si jaalata si bee kas kanaaf sitti na erge.

***She:-*** maal godhii jedhee si erge?

***Phe:-*** Seexana Akkanatti si dallansiisu akka sirraa fageessuuf jiruu bara bara Akka jiraattuuf sitti na erge.

***She:-*** akkam yoo taee jiruu bara baraa jiraadha rabbii malee ilmi namaa duaaf umame akamimitti jiruu bara baraa jiraatta jetta?

***Phe:-*** kiristoos goofadha jettee onnee guutuun yoo fudha ttee qofa jiruu bara baraa kan jiraachuu dan deettu.

***She***:- ani muslimaa Rabbitti amaneera ati kafarsiisi jedhee Si ergee?

***Phe***:- kana sammuu keetii baasii onnee guutuun kiristoosiin fudhadhu.

***sheek***:- onneen tee haa dhootu amma fuldura kiyyaa deemi?

***phe***:- yoo kii na aman siisi yooki si amansiisa dubbii caqasanii garuu nama abaaruun beekkumsaa mitii.

***sheek***:- ilma ufii kamaal! Jedhee waame nama kana fuldura kiyyaa oofi jedheen.

***kamaal***:- maal siin jedhaa jira maal irratti wol dhabidan?

***She***:- ilma kiyya dhiisi tun ufiifu tabiraati Rabbii si uume dhiisii yasuun goftaa godha dhu kafari naan jedhaara.

***Kamaal***:- ajaaiba! kun zamana maaltu dhufe kan mana namaa waamicha tokko malee ol seenani kafaraa namaan jedhan?

Abboo! Maqaan kee eenyu eenyutu akka mana namaa cal jette seentee nama jeeq xuu hayyama sii kenne?

***Phenx***:- maqaa kiyya toomaas jedhama. Mana nama hundaa seene wongeela akka nama ibisu kan na erge goftaa kiristoosi.

***kamaal***:- eenyutti si erge? maal godhi jedhee si erge?

***Phenx***:- siif abbeetittille akkasumas wongeela kana ilma namaa Hundaaf ibisi jedhe na'erge.

***kamaal***:- ufii sammuu guutuu qabidaa? mana mus limaatiif maatii muslimaa ta'uu keenna uduu beek tu hardhuma dhufte sanuu abbaa keenna Sheeka kiristaana ta ii kafari jettaa?

***Phenx:***- Sammuu guutuu qabaannaan aarii takka malee gaafi isiin naga aftan Hunda takka takkaan uduu hin dogon gorin oduu hin lolin aarii takka malee isinii deebisaara mitii?

***kamaal***:- salphinni biroo amma oso sirra hin gahiin asi deemi jedhee dhayudhaaf itti utaale.

***phenx.*** Nadhayu'un dura amantiin dhugaa ta'e tokko akkamitti huminaan deemu kana akkamitti qabanne jedhaa mee atiif abbee wolgaa fadha.

Nabiyyima keessantu yoo naminii waa isiniin dubbatee kitaaba dhiisaa uleen tumaa jednee? yoo kana toee garuu ariif lolii kan seexanati malee kan waaqaa akka hin taane beeka maadha.

Garuu wonta isin narrattii Raawwatuuf deemtan kanaaf kan birollee obisaan akka irraa dabiruuf badii isiin raawwataniif waaqin akka isinii araaramu akka kadhadhu kiristoos na bar siiseera. Amantiin waaqa lola osoo hin ta'iin obisa namaa dhaamiti.

***she***:- ilma kiyya kamaal mee nama kana hin dhayini mee-waa goona dhiisi amantiin teennas obisuma nuu dhaamti akkuma inni Jedhee yeroo bay'ee namonni gara lolaa Fiigan namoota ragaa dhugaa ibsaniin hin qabne lolli keenna kunis akkuma inni jedhe waa nu fakkeessara mee dhaabi

***kamaal***:- tole.

***she***:- mee obboo toomaas waa tokkoo si gaafadha naa deebisi.

***Tommaas***:- hallii fokkataan kun kan seexa naa tauu yoo naa hubatani teenne wol gaafannaa yoo Jettani yaada kiyyaa yoo

naa fudha tan anaaf milkiin milkii caalu kana waan ta'eef gaafii isin nagaafa chuu kanaan gammachu guddatu natti dhagayama.kanaafu wontuma feeton na gaafadha isinii deebisa

***she***:- iisaan (kiristoos) goofta yoo jettu kana mee ati ragaa maal qabateetii?.

***Toomaas***:- isin kiristoos nama yoo jettan ragaa maal qabataniiti?

***she:***- سبحان الله ragaan keenna Qur'aana rabbiiti kaa.

***Tooma:***- mee qur'aanni keessan eddoo kamitti iyyasu nama tauu ibisa naa dubbisaa.

***she:***-

﴿ إِنَّ مَثَلَ عِيسَىٰ عِندَ اللَّهِ كَمَثَلِ آدَمَ خَلَقَهُ مِن تُرَابٍ ثُمَّ قَالَ لَهُ كُن فَيَكُونُ ﴾

**Hiikkaan:-**

"Fakkeenni iisaa rabiin biratti akkumaa aadamiiti biyyee irra uumee eega sanii ta'i jedheeni ta'e."*suura. Aal imraan laakk 59*

***Toomaas***:- kanaafuu uumamn kiristoosiitif uumamni iisaa wol Fakkata jedhaartanii?

***she***:- eekaa!

***Toomas***:- ani waa'ee uumama jaraa yoom isin gaafadhe? gaafiin kiyyaa kiristoos nama kan Jedhu ragaa kallattin Quraana keessan keessa yoo jiraate naa fidaa Jedhe miti?

***she***:- kunis eddoo biraatti barreefameera mee dhagahi : -

﴿ مَّا الْمَسِيحُ ابْنُ مَرْيَمَ إِلَّا رَسُولٌ قَدْ خَلَتْ مِن قَبْلِهِ الرُّسُلُ وَأُمُّهُ صِدِّيقَةٌ ۖ كَانَا يَأْكُلَانِ الطَّعَامَ ﴾

**Hiikkaan:-**
haalli masiihii ilma maryaam akkuma ergam toota duraan ergaman ergamaa qofa malee wanta biroo miti haatii isaas Rabbiin dhugo'oo msituudha malee wan biroo hin taane inniniif haatille akkuma nama kamiiyyuu midhaan kan nyaatan

*suuraa maa idaa 75*

***Toomas:-*** ammas waae ergama isaa tiif dhimma biroo malee kallattiin kirists nama kan Jedhu hin tuqamne

***she:-*** ammas eddoo birootittii:-

﴿وَإِذْ قَالَ عِيسَى ابْنُ مَرْيَمَ يَٰبَنِيٓ إِسْرَٰٓءِيلَ إِنِّي رَسُولُ ٱللَّهِ إِلَيْكُم مُّصَدِّقًا لِّمَا بَيْنَ يَدَيَّ مِنَ ٱلتَّوْرَىٰةِ وَمُبَشِّرًۢا بِرَسُولٍ يَأْتِي
مِنۢ بَعْدِي ٱسْمُهُۥٓ أَحْمَدُ فَلَمَّا جَآءَهُم بِٱلْبَيِّنَٰتِ قَالُوا۟ هَٰذَا سِحْرٌ مُّبِينٌ﴾

**Hiikkaan:-**
Yeroo iisaan ilmi maryam ummata is raa'eeli tinl ani ergamaa rabbii kan isinitti ergame Jecha rabbi kan tooraa ttiin keessa jiru akka mirkaneessuuf ergame ammas ergama booddee kiyya dhufu kan maqaan issa Ahmad jedhamuun isin gammachiis uuf ergame."

*Suuraa saffi lakka -6-*

***Toomaas:-*** Ammas yoo ta'e kiristoos nama kan jedhu qabatamaan dubbatame Qur aanan hin mudhanne. Qabixiin amma ati nuu dubbifte kiristoos maryam irraa dhala tu'uuf ummata is raae lititti ergamuu qofa ibisite malee nama tauu isaa hin dubbifne.

***she:-*** maal jechuu keeti?

***she***:- Jechi ilma mayam jedhu kun hiikka keessanitti maal jechuu ibisa?

***Toomaas***:-kiristoos ilma maryam ta'uu nutis hin waakkanne garu kan amma ani fudhu kiristoos nama jecha jedhu qofa

***she***:- "Ilma maryam Jechaa jednu kana eega Fudhatee maryam nama ta'uu amante jechuudha kanaan booday ilmi namaas nama ta'uu wollaluu hin qabidu xinxallii dubbadhu. hin dhama ini.

***Toomaas:-*** ammas kam duraan dhiise jette arrabaan nama a'raabisu waan eegal teef marii keennaa asumatti oduu dhaabine nama arrabisuun kun ammoo akkumaa duraan dubba dhee tarkaanfii nama mormii dadhaabee ta'uun isaa beekamaadhaa.

***she***:- Kanaan boda elma kiyya kamaal wojjin haasa'i

***kamaal:-*** obboo toomaas atti ammaa kaafira rabbiin gatee namaan rabbi jedhu ta,uu kee ufi beettaa.

***Toomaas:-*** situ jedhe moo qur,aana?

***kammal:-*** Rabbiin keenna qur,aanaan akkana jedhaa:-

﴿ لَقَدْ كَفَرَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّ اللَّهَ هُوَ الْمَسِيحُ ابْنُ مَرْيَمَ ۖ وَقَالَ الْمَسِيحُ يَا بَنِي إِسْرَائِيلَ
اعْبُدُوا اللَّهَ رَبِّي وَرَبَّكُمْ ۖ إِنَّهُ مَنْ يُشْرِكْ بِاللَّهِ فَقَدْ حَرَّمَ اللَّهُ عَلَيْهِ الْجَنَّةَ وَمَأْوَاهُ النَّارُ ۖ وَمَا
لِلظَّالِمِينَ مِنْ أَنْصَارٍ ﴾

**<u>Hikkaan</u>:-**

Namootiin iisaa ilma maryamiitin waaaqa Jedhan dhugaa kafaran [waaqa ganan ] iisaanis yaa ummata israa,eeli rabii kiyyaaf rabbi keessan gabbara namni rabbi

guddattii waan tokkoo qindeessee gabbare rabbiin jannata gonkumaa akka hin seene murteessee boodeen teessoo isaa ibbida tauu mirkaneeseera. namoota badii akkanaa dalaganii uf miidhaniif gargarsi tokkollee hin jiruu.

*Q. suuraa maaidaa boqonna 5 laakaa 72*

***Toomaas*** **:-** anii afaan araabaa sirritti waan hin beekneef akka ufii barbaaduttillee yoo hiikaa jiraaattes an maal beeka.

***Kamaal*** **:-** mee abbaa koo waan tokkoo haa goonu yero duratti isiin walmormitan wonta tokkoo yaadadhee abbaan koo yoo naa hayyame ni dubbadha.

***Shee:-*** dubbadhu!

***kamaal:-*** eegaa yaanni kiyyas yeroo woyii marii edduu mus limaa tiif kiristaana tti godina arsii magaalaa kuyyara jedhamtu irratti gox dhame tokko namni qamar Huseen jedhamu tokko muslima irraa bakka bu'uudhan marii irratti argamee aman tii wwaan adda addaa wol dura qabuu dhaan barumsa kenna niiru anis yeroo san yaa dannoo tokko tokko qaba dhee jiraa obboo Qamar guyyaa san macaafuma kiristaanota irraa kiristoos nama kan jeddhu akka barreefame jiruu Ibisa niiru kitaabuma jaraatiin jara mormuu amantan keena ni hoyyama natti fakkaata kanaafu yaa dannoo kiyya fidadha na'eega "Jedhee mana seene"

***sheeki:-*** gaariidha! Kanas yoo ta'e. Kitaabuma jaraa tiin jara bar siisuu yeroo Jal qabaa tiif kan jal qabee nabiyyii keenna muhamma dii S.A.w. rabbiin keennas kitaabuma jaraatiin akka jara barsiifnee deebisnu nu ajajeera.

***Toomaas:-*** Qur'aanni keessan macaafa keenna kan kiristaana kana akka ragaaf itti fayya damtan kan isinii hayya mu ta'uu Ragaa maal qabidan?

***sheekii:-*** akkam? maal Jecnuu keeti?

***Toomaas:*** gabaa bamatti macaafa kirstaana keenna ragaa godhattanii itti fayyadamuu Qur'aanni keessan isinii hayyamaa?

***sheekii:-*** siritti! kunis: akkana jedha:-

﴿قُلْ فَأْتُوا۟ بِٱلتَّوْرَىٰةِ فَٱتْلُوهَآ إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ﴾

"jedhi! (kiristaanotaan) tawuraatiin fidaa dubbisa yoo dhugaa kan bar baaddan taa tan".

*Suura Aal Imraan 93*

***Toomaas:-*** eega jechi kun kan jiruu maaliif muslimoonni tokkoo tokko kitaaba kiristaanotaa Akka najisaatti laalu?

***sheekii:-*** Hubannoo dhabuu irraa kan ka'e ta'uun ni mala garuu namni muslima ta'ee beekkumsa qur'aanaa qabu tooraa tiif injiil duraan Rabbi irraa kan ergaman ta'uu amanuu qaba.

***Toomaas:*** -kanaafuu isiin amma macaafni qul qulluun keenna kun jechaa waaqa ta'uu ni fudhattu jechuudha?

***Sheki:-*** ee kaa! Injiiliif toorattinee Rabbiin qajellumaaf, Ifnanaf, erguu ni amanna.

***Toomaas:-*** eega kana ta'e qajeellumaa wongeelaa diddanii maaf tee ttan?

***sheekii;-*** yoom dinne? nu towuraatiif injiili rabbi irraa ergame akkam dinna? yoomuu hin dinnuu.

***Toomaas***:- eegaa kan hin dinnee Qajeellummaaf ifnanana injiiliitti ni amanaa isin jettan keessaa tokko

*wongeela yuhaannis boqonnaa 1- laakkofsa –1* - irratti - kiristoos gooftaa waan jedhuuf fudhachuu qabida kaa?

***sheeki:-*** injiliin yeroo amma isin harka jiru waan tokkoo tokko keessa waan balleesitaniif hin fudhadhu.

***Toomaas***:- mee eddoo tokko tokko nu jijjirre san keessaa tokko qofa nuu ibsuu dan deetta?

***she***:- kitaaba keessan kana ani qara ee waan hin beekneef sii himuu hin dan da'u

***Toom***:- wan hin beekne tokko dubbachuun han gam fokkata akka ta'e ef jibbama akka taee hoo beektuu laata?

***she***:- ani haasawa dhiisee mee ilma kiyya kamaal yaadannoo fudhate dhufenatti fakkaataa mee isa wojjin haasa'a

***kamaal***:- yaadannoo mana barbaadeee waan dhabeef beellama nu kennii beektota keennaa waamanne dhimma kana badhinnaan irratti haasofnaa.

***Toomaas***:-eegaa! wonta hardha irratti wolii gallee irraa jalqabuu qabina malee ufi-duuba deebi'uu hin qabinu. Kanaafu kamaalis wonta hanga ati yaadannoo bar baada mana seente irratti wolii gallee atis hubachuu qabida. Kunis kitaabini qulqulluun kiristaanaa tooraatiif injiil kan jedhaman jechaa waaqaa kan rabbi irraa ergame ta'uu abbaan kee amananiiru kanaafu yeroo beellama keenna kan boruullee kanuma irraa ka'uu qabina.

***Kamaal:-*** ati hoo Toomaas Qur'aanni keenna rabbi irraa bu'uu aman taa?

***Toomaas:-*** Rabbiin wontoota wolfaalleessan lamaan ni erga jedhee hin amanu quraanni keessaniif kitaabni keennaa waan wol falleesa.

***she:-*** mee akkkamittin wol faallesan?

***Toomaas:-*** gaafii gaarii! Macaafini qulqulluun keenna kiristoos gooftaa Jedha.

Isin garuu kiristoos nama Jettan. Kanaafu wontoonni wol falleessan lamaan Jechoota waaqaati jechuun nama dhiba dhugaan takkatuuyyu kanaafu kama isin amantan anis mirkaneesa dhugaaaf Qajeellumti kitaabuma qulqullu adunyaaf ergame wongeela malee Qur'aana arabaaf ergame kana natti hin fakkaatuu.

***She:-*** tole abboo! Qur'aanni araba qofaaf ergamee injiil adunyaa hundaaf ergame jettaa?

ammas Qur'aanni jecha waaqaa miti jedhaarta?

***Toomaas:-*** shakki tokko malee!

***She:-*** Hundaafuu beellamaa boruu irratti badhinnaan haasofnaa anis qophaa yee dhufaa isinis qophaayaa koottaa hardhaaf kanumaan haa xumuuru.

# Kutaa 2ffa
# Beellama Boruu

Guyaan Sabata guddaa eddoon magaalaa finfinnee Nannoo *aabinnat* Jedhamee bee kamutti Hirmaattonni woltajjii muslima irraa nama 57 kiristaanoota irraa nama 79 hirmaa ttonni woltajjii tlmaamaan dubartii wojjin nama 136 hin ta'aa shee abidda llaas (abbaan kamaal) kamaal fa'a wojjiin argamanii ruu yeroon ganama saa'aa 3:00 ni ta'a.

Muslima irraa kan bakka bu'e dhiyaate qophessa kitaaba kana obboo qamar huseen.

Anis haaluma shee abdalla fa'a waamcha naa godhaniin argameera hunduu maqaa eega wolbarateen booda dhuma irratti anis Qamar jedhama jedhee of beeksise. Namni tokkoo jidduu Jaraattii lallabee Qamarii! Namni Qamar jedhamu kun mee kami Jedhaa fuula wolitti guuraa ka'ee dhaabbatee.

Anis kolfaa tumaan anaa akka nama gadoo namaa irraa qabuu fuula maaf natti gurrachesita? Jedhee suutuma gaafadhe.

**«የመጽሐፍ ቅዱስ ምስጥር በሙስሊም መነጽር»**

kitaaba jedhamu situu barreesse? jedhee na gaafatee anis ee anuma! jedheen. Xiqoo eega cadhiseen booda akka nama ariifatee mumuddamaa akkana jedhe:-

dhiifama ani beellama biroo sila qabuuf deemuu bar baada yeroo biraa wojji Haasofna jedhee ka'ee dhaa bbatee.

***Qamar*:-** Qni goruu kan dhufe waamicha keessan kana shee abdalla fa' a irraa dhagayeti dhimma amantii kiristtaanaaf muslimaa irratti mariin jiraa jennan dhagayee dhufe

Eega maqaa nama gaafataa ka'aa kan dheessani woltajjinu fokkate jechuudha.

***Namichii*:-** namoota beellama wojjin qabidaniin wojji haas'u ni dandeetaani garuu ani gama kiyyaan beellama biroo nama wojjiin qaba si wojjiin beellama hin qabu dhiifama.

***Qamar*:-** eega kana ta'ee deemsa kee dura mee waaa si gaafadhaa.

> *1.ffa.* mana keetii kaa tee eddoo marii kana macaafa keessan qabattee maaf dhufte?
>
> *2.ffaa.* eega sagantaa biroo duraan qabaattee eddoo kana maaf dhufte?
>
> *3.faa.* ammas Qamar kan jedhamu sii jettee maaf maqaa kiyyaa nagaa fattee Kitaaba akkanaa jedhamu situu barreessee jettee maaf na gaafattee? Mee gaafiiwwaan kana naadeebisii deemi.

***Namicnii*:-** gaafii kankee kana deebisuuf beellama naa kenni.

***Qamar*:-**gara manaa deebisuu dhaan ummanni maal jettan jedhe.

***Ummannii*:-** wonti akkanaa kun sirrii mitii gaafii Qamar deebisii deemi jedhani itti murteessan. jara keessaa tomaas kan jedhamu akkana jedhe:-

***Toomaas***:- ani abba wol tajjii kanaatii Qamariinis waamaa fidaa kan jedhe anaa sillee muslimmonni marii amantiitiif dhufaaranii dhiyaadhu jedhee kan si waame.anaa maaliif ni deema jetta? mee dhugaa dubbadhu?

***Namichi***:- eega dubadhu naan jettan dhugaa dubadhaa jia tokkoon dura markaa too kanatti kitaaba Qamarii kana argee bitee galeeni guyyama san dubbisee xumure.

eega halkan rafeen booda kiristoos ebijuun natti dhufe yeroo biraa kitaaba qamarii hin dubbisin isallee yoo argite wojjin hin dubbatin naan jedhee na gorseera. Kanaaf anis yaada kiyya jijjiree edoo kanaa deemu barbaade.

***Qamar***:- amaniti keessan keessatt kijibuu ni hyyamama?

***Namichi***:- gonkuma hin hayyamamu dhooggadha.

***Qamar***:- eega eebjuu kee kana duraan dhossite bellama biroo qaba jette kijibaa maaf dubbatte?

***Namichi***:- dhiifama seexanatu nadogongorsiise.

***Qamar:-*** seexanuma odu ati dhaabattu guyyaa adiin si dogon gorsiisee kanatuu yeroo ati hirriba raftus iyyasuusiin fakkaatee Qamariin woojji hin dubbatin jedhe sidogongorsiiseera. kanaafu eebjuu kee kana dubbiidha jeettee marii kana dhiiftee hin deemini toobadhuuti gadi taai.

***Ummanni***:- Hunduu kolfuu eegalee jennaan namichis mormii xiqqoon booda saalfatee taa'ee mariins itti fuufee Hunduu baakka bu'aa ufii beekisisan.

Muslima irraa *D. Qamar Huseen* kiristaana irraa *Toomaas hayiluu* Jarsotiin gama muslimaatiin Abbaa kamaal she Abidlla gama kiristaanaatiin

*Qes makonnin girmaa* ta'uudhaan mariin jalqabamee.

# Kutaa 3faa
# Toomaasiif Qamar

***Toomaas***:- Duraan dursa maqaan koo toomaas jedhama bakka bu'aaa kiristoosiitif kiristaanotaati.

Guyyaa hardhaa wonti wol geenneef akkuma beekkamu dhimma amantii irratti garaa garumtiin edduu keennaaf edduu muslimaa jiru waa'ee kiristoos irratti sila ta teef kanuma ilaalchisuu dhaan she Abidallaan wojji kanaan dura marii goone wonta tokkoo irratti wolii gallee murtee irraa gee neera dhimmoota hafan garuu guyyaa hardhaa mariachuudhaaf murteesineerra wonttonni irratti walii galles:-

1ffaa:- kitaabni qulqulluun kiristaanotaa kun (tooraatiif, injiil) kan waaqaa bu'an ta'uu wolii hubonneera yookaan wolii amanneerra.

2ffaa:- dhimma gooftummaa kiristoosii irratti garuu wolii galuu waan hin dan deenneef marii hardhaatiif bulfanneera kanuma irraa ka'udhaan marii keennaa kan hardhaa jalqabnaa galatooma.

***Qamar***:- anis Doktor Qamar Huseen jedhama haakima onnee kufriin dhibamteeti baka bu'aa Muslimootaati yaada macaafni kiristaanota jecha waaqaati jedhu kana kan ati irratti walii galle jettee dubbattu kana ani gama kiyyaan gonkuma hin fudhadhu marii keenna kan hardha haara'wuma lafaa kaasuu qabina.

***Tomaas***:- akkami maal jechuu keeti wont nu duraan irratti woli galle atis fudhachuu qabida malee kana diduu hin qabdu.

***Qamar:-*** ani gama kiyyaan kana irratti mormii guddaa waan qabuuf wolii galteen keessan anaaf muslimoota bakka na buufatanis hin ilaalu kun naaf beekamuu qaba.

Yoo kana hin taanee amma irraa jal'qabee gama kiyyaan marii kana keessa of qulqulleessuu bar baada.

***Jaarsotii:-*** Qabixiin D. Qamar mormitu kana maaf akka mormitu woltajji kana dhumaa irratti akka nuu dhiyeessitu nu jaarsotiin wolii galteen murtee sineera.

kanaafuu mariin keessan kan hardhaa kan itti fuufu -

*1ffa;- kiristoos nama moo? waaqaa? kan jedhuufi*

*2ffa macaafni qulqulluun kiristaanota jechaa waaqatii moo miti*? Kan jedhuudha.

kan irratti akka mariin godha muuf kunis bakka bu'aa kiristaa naa paster *Toomaasif* bakka bu'aa muslimaa *D. Qamar* jidduutti kan godhamuu ta'uu kabajaan isn hubachiifna haaalumaa kanaan hirmaattonni wotajjii kana hunduu hayyama jarsotaa lamaanii (qeesichaaf shetichaa) malee akka hin dubbannee kan murteesine ta'uu hubattanii woltajjiin wotajjii garii kan ulfinnaatiif kan nama barsiisu akka ta'uu isinii Hawwaa Haaluma sagantichaatiin bakkaa bu'aan kiristaanaa pastar toomaas kiristoos waaqa ta'uu ragoole qabaan dhiyeefachuun eega jalqabaniin booda obboo Qamar gaafi qaban dhiyeessudhaan woltajjiin sirna gaariidhaan akka raawwatamu hawwina galatooma.

Kana yoo jennuu dubbiin bakka bu'aa kiriştaanaatiif muslimaa llee ragaa dhaan yoo hin deggeramne kufaa ta'uu hu battanii akka deemtan.

dhuma irratt taajjabtoota irraa yaada eega fuunen booda murtee loogii hin qabine murtee haqaa kenninee sirna gariin woltajjiin eebbaa qesichaatiif she kichaa tin xumuurama marii garii isinii haa ta'uu itti fuufaa.

# Kutaa 4ffaa
# Ijoo dubbii Paastar Toomaas

Duraan dursa Ani postar toomaas jedhamaa bakka bu'aa goftaa kiristoos keennatii kiristoos durillee hardhallee borillee gooftaadha! namni kamiiyyuu goof tummaa kiristoosi yoo hin mirkaneesine gama komiinu uduu xaare akka komiinu uduu xaare Jannata hin argatu.

ragaan kanaa macaafa qulqullu keenna wongeela yuhaannis boqonnaa 1- laakkofsa 1- irraati:- akkana jedha:

*"Duraan dursa jechatu ture jechi kunis waaqa bira ture jechii kunis waaqa truree."* *Wongeelea yuhaannis Bo - 1 - Laakkofsa - 1 - 4*

***Qamar**:- maqaa rabbii guddaa waa hundaa caalutiin jalqaba! Gaafii gabaabduu Toomaasiin gaafadha*

"Duraa durse jechatu" turee yoo jettu kana duraan eynutu jecha kana uume? ufii uf 'uume moo? waan isaa uumetu jira?

***Toomaas**:-* akkuma ate jette kawaa hunda uumu waaqa waan ta'eef jecha kanallee waaqumatu uume.

***Qamar**:-* Ok ammas "jechii kunis waaqa bira ture jedhamee barrefameera"

«በመጀመሪያ ቃል ነበር ቃሉም በእግዚአብሔር ዘንድ ነበር»

jedhame waan barreefameef jecha kanas (Iyyasuusiin) waaqumatu uume uf bira kaa'ee jechuudha?

***Toomaas** :* - sirriidha sagaleen waaqa waaquma irraa argamti.

***Qamar**:-* eega kana ta'ee Duraan durse waaqatu jiraa" jedhame maaf hin barree ffamne?

***Toomaas:-*** Jechoota macaafa qulqulluu akkuma jiranitti fudhatanii itti amanu malee dogongora jennee sirreessuuf irraa dhidhisuu itti dabaluu aangoo hin qabnu.

***Qamar:-*** dhimma macaafa keessanii booda irratti mariannaa garuma kiristoosi kana mee haa deebinuu akkaataa deebii keetititti kiristoos "jecha" [sagalee] waaqaati jechuu barbaadda natti fokkaata.

***Toomaas:-*** ee kaa! shakii tokko malee! kana ammoo Qur'aanni keessanuu عيسى روح الله Iisaa Ruhallaah.

**Hiikkaan**:- "kiristoos /Iisaan/ sagalee waaqaati jedhee mirkanee seera.

***Qamar:-*** Qur'aana keennas ni beekta jechuudha?

***Toomaas:-*** ee'kaa! isinis ragaadhaaf kitaaba keenna itti fayyadama'artaniimi nutis callisuu hin qabnu.

***Qamer:-*** beekuun keessan gaariidha mee eddoo kamiif suura kam keessatti iisaan sagalee waaqaati jedha?

***Toomaas:-*** suura isaa garuu hin beeku.

***Qamer:-*** waan hin beekne tokko dubbachuun amantiin kamiiyyu hin hayyama natti hin fakkatuu waan hin beekne tokko mee hin dubbatin.

Mee kana asummatti dhiisii gara qabixii mormii keennaa haa deebinuu.kiristoos sagalee waaqaati sagalee waaqaa kana ammoo kan uume waaqa ta'uu woli gallee natti fakkaata.

***Toomas:-*** ee! kan irratti garuuun shakkii tokkoo malee wolii gallaa.

***Qamar***:- eega mormiin guddaan jidduu keennaaf keessan jiru kiristoos waaqa mo'o uumaa waaqati? kan jedhu turee garuu amma kiristoosin kan uume waaqa ta'uu eega wolii galle gaafiin keennaaf mormiin keenna asitti deebii waaan argateef gama keennaan marii hardhaa kiristoos uumaa waqaa ta'uu aniif muslimoonni hunduu hin morminu kanaafuu marii keenna kanumaan xumuurre.

***Toomaas***:-akkam! akkam! jechuu keetii?

***Qamer***:- kitaabni keessan kiristoos sagalee waaqaati sagalee waaqaa waaqatu uume waan jedhuuf nuti muslimmonnii haala kamiinu kana hin morminu mee ati eenyuun wol mormita ree.

***Toomaas***:- Akkasii miti mal jechuu keeti Jecha koo ni sirreeffadhaa.

***Qamer***:- Kan duraan dubbatte dogongora jechuudha?

***Toomaas***:- Ee!Ee! ibsa irratti dogongora qaba garuu dogongora koo ni sirreeffadha.

***Qamer***:- wonta dubbate kitaabaa kee irraa dubbattee kan dogongore kitaaba keeti moo? sii?

***Toomaas***:- kitaaba mitii anatu dogongore dhiifama.

***Qamer***:- akkamitti dogongorte maaltu si dogongorsiisaara beettaa?

***Toomaas***:- seexanni ana dhiisii kiristoosiinu dogon gorsii suuf yaalee jiraa kuni womaa miti woma jiraati.

Garuu amma wonti ati hubachu qabidu guddan waa'e sillaasee jedhamuuti [.Aabii - woldii - manfas quddusaa - jarreen

sadeen kun akka killee lukkuu qolaa sadihii qaban malee jarrii tokkuma addaan hin banan wolumatti qabamani tokko jedhaman.

*Qamar:-* mee! akkamitti killeen lukkuu waaqa dachii samii uumee guddatti fakkeeffamti naa ibisi?

*Toomaas:-* killoo lukkuu yoo Affeelan kutaa sadihii qabidii :

1- qola duubaa
2- asku'aalii boora
3- adii furda jidduu jiru. akkuma kana aabbiif- kiristoosiif Hafuurrii qulqulluun waaqaa tokkoo jedhammanii waamama malee addaan hin bayan.

*Qamar:-* fakkeennaaf kileen lukkuu sun yoo hin Affeelamnee hoo?

*Toomaas:-* Fakii an sii kenne qofa qabachuu qabda mallee fakii kiyya falleesuu hin qabdu.

*Qamer:-* gama "loojkii" kanaatiinis yoo dhufte sin baasu. maaliif yoo jette Killeen lukkuu qola -3-qofa oduu hin ta'iin qola afur qabaa chuu ammumaa daqiiqaa kana keessatti asumatti affeelee si gar siisa

Afraffaan kamii yoo jette qolaa gubbaa gogaa sanitti maaxxanee kan jiruu wonta addii haphii takka argite beettaa?

*Toomaas :-* i i i- - - ee! ni beeka.

*Qamar:-* eega inni suun hoo eenyuu jedhamee waamama

eennu haa jennu?

*Toomaas : -* innii garuu i-i-i---maaliidha?

***Qamar:-*** Tishartii tainnaa? mee yaada dhuu.

***Hirmaattonni***:- Hunduu kolfa gallakkisan [ni kolfan]

***Toomas***:- kana Akka Fakkeennati duabadhe garuu fakii kana dhiisi fakii biroo sii dhiyeessuu ni dan daa.

***Qamar***:- Tole! mee ammas fakii waaqaa guddaa nu uume kanaa maalitti fakkeesita haa laallu.

***Toomaas***:- fakkeennaaf ati ammaa Qamar Jedhamta garuu wontoonni si keessa jiran sadihi kunis dhiiga : bishaaniif : fooni : wonttoonni sadeen kun garu wolitti qabamanii qamariin ta'an yoo siwaamanis garuu qamar namuma tokko tokkuma jedhamta malee sadihi hin jedhamatu. "sillaaseenis" akkuma kana aabi- woldii- manfas -quddusa- woltti qabaan waaqa jedhaman.

***Qamar***:- ammas wonta tokkoo wanta si irranfattee jalaa hafetu jira si yaa dachiisuu?

***Toomaas:-*** mee maaltu hafe?

***Qamar*** : jiruu ilmaa namaa tiif murteessaa kan taatee' anaaf sillee fundura ummataa kanaa dhaabannee Akka dubbannuu kan nu gootee kan foon nafa keennaatiif eenyumma keenna Hunda baadhattee jirtuu lafee akkamitti irraanfataa?

***Toomaas***:- sirriidha garuu kitaaba keenna irratti ilma namaa fakii kiyyaan uume waan jedhuuf anis fakkeenna kana sii fide haata'uu atis namni fakii waaqaatiin umamuu mormuu hin qabdu.

***Qamer***:- akkam! nimorma Akkamitti waaqni nama fakkaata jedhee fudhadha kitaabuma keessan irrattuu ***isaayyaas*** BO.44

-24 - irratti waaqni nama hunda uume fakki tokkollee hin qabu jedha. jecha kana hoo mee atta goona?

***Toomaas***:- gama tokkoon Jechi kee sirii ta'uu ni fudhadhaa waaqini fakii hin qabu kan jedhus macaafuma keennaa

Garuu...

***Qamar***:- garuu! mee maal woyyaa ree?

***Toomaas***:- Fakkeenna kana dhiifnee Ragama macaafa keennaatiin yoo deemne hoo?

***Qamar***:- kunis kama an hawwaa jiruu mitii saree udaan irraa ijjatte jennaan kan soquttu bahe jette jedhaa mammakini oromoo hundaafuu mee itti fuufi.

***Toomaas***:- wongeela maatoosi irraatti yroo woyii kiristoosiin mee waaqa nu garsiisii jedhhanii gaa fatnii jennaan akkana jedhee deebisee

"aniif waaqini /aniif abban kiyyaa/ tokkooumaa." jedhee deebise.

*wogeela maatoos Boqonna 10 irratti laalladhu.*

***Qamar***:- kiristoosiif waqini tokko jettee yookan amantuu akkaata tokkumaa jaraa mee ifa naa godhii yoo kaan

kiristoosiif waqini tokko ta'uu yoo ibisitu kana aangoon isaanis tokkuma /woluma qixa/ jettaa moo? Yoo kana ta'e qixxummaan isaani ammoo Dalagaan moo dheerinnaan moo? Furdinnaan mee maal'iin qixa ta'an naa ibisi?

***Toomaas***:- Jarrii sadanuu qixxema wol· hin taran aangoon isaanillee wolumaa qixaa. garaa garumtii hin qaban.

***Qamar:-*** wongeela maatoosii boqona. 20-20 irraatti kiristoos nama tokkolle Jannata ka'uu hin dan da'uu kana kan danda'u waaqa samii keessa jiruu qofa jedhee ka kiristoos dubbate dhageettee argitee beettaa?

***Tomaas*:-** garuu jechi kuns ni jira natti fakkata.

***Qamar*:-**Mee eega waaqniniif kiristoos tokko ta'an akkamitti kiristoos aangoo kana gara waaqa guddaa qofa dabarsee beettaa?

***Toomaas:-*** yero kana jedhu kabaja waaqaatiif malee innis jannata galchuu inuma dan'da'a.

***Qamar:-*** ammas Guyyaan qiyaamaa hoo yoom beettaa? Jeedhaanii yeroo gaafa tani kiristoos mee maal Jedhee deebise yaadattaa?

***Toomaas*:-** ee: yaadadha "Guyyaa qiyaamaa aniif maleekaan samii keessa jirtullee hin beekinu waaqa tokkcha samii keessa jiru qofatu beeka" jedhee Kiristoos deebiseera.

***Qamer*:-** eddoo kiristoos kana itti dubbate hoo yaadattaa?

***Toomas*:-** ee! *maatiwosi. 24 - 36* irratti kana dubbatera.

***Qamar*:-** kiristoos yoo waaqa ta'ee guyyaa qiyaamaa akkamitti wollaala jettee yaddee beektaa?

***Toomas:-*** himu hin barbaanne molee gooftaan kiristoos inuma beeka.

***Qamar*:-** kiristoos namni yoo waa isaa gaafatuu dhugaa hin dubbatu jechoo keetii?

*'oomaas:-* innii gooftaa waan ta'eef yaada namootaa onnee ıraa keessatti waan beekuuf kana jedhee deebise.

*Ɂamer:-* Wolumaa galatti kiristoosiif waaqni aangoon isaanii okkumaa /woluma qixa / jetta moo? wol taran jetta?

*Toomaas:-* Jarrii sadanuu qixxuma wol hin taran aangoon ısaaniillee wolumaa qixaa garaa garumtii hin qaban.

*Qamar:-* mee macaafa qulqulluu harkuma keeti qabidu kanana wongeela yuhaannis boqonnaa 14 – 28 waan kiristoos afaanuma ufiitiin dubbatee atis ufuma keetin naa dubbisi?

*Toomaas:-* Tole! Nidubbisa:-

"dhugaa dhugaa isiniin jedha yoo kan najaalattan ta'e waaqatu nacaala. Jedhe kiristoos. Dubbate.

*wingeela yuhaannis Bo 14- 28*

*Qamar:-* jechaa kitaaba keessanii kanatuu dhugaa mo'o jecha ketittu dhugaadha? silaafuu dhugaan takkittimaa kamitu dhara? komtu dhugaa?

*Toomaas:-* eddoo kanatti wonti ati beekuu qabidu tokko kiristoos yeroo lafa jiru /yeroo dachii irra/ jiru nama ta'uu isaa tiif yeroo gra samii deebie ammo waaqa ta'uu isaa beeku qabida.

*Qamar:-* Jecha kee kana irratti ragaa qabidaa?

*Toomaas:-* yeroodhaaf eddoo san hin yaa dadhu malee ni jira.

*Qamar:-* eega ati kan hin yaadanne ta'e ani ammoo ragaa qabatamaa kiristoos hanga gara samiitti deebieellee nama

jedhu macaafuma ati horka qabidu kana irraa yoo sii mudhise fudhattaa?

***Toomaas***:- akkam? kitaaba keenna didaa ni fudha!

***Qamar***:- wongeela yunannisii keessatti akkana jedha

"kan samii bue (kiristoos) malee gara samii kan dee bi'e hin jruu inni sun ammoo kan samii keessa jiraatu sun [kiristoos] ilma nomaati."

*wongeela yuhaanniis Bo 3 -13*

***Toomaas***:- kanas ta'e san aangoon isaatiif kan waaqa qixxee (tokkuma) wol hin taran [wol hin caalan].

***Qamar***:- ammas kan irra deebie si hubachiisu kan mannii kunillee nuu hubachu qabu. wontoonni ati dubbattu hunduu ragaa qabaa chuu qaban jecha jedhu.

Kanaafu Aabiif [waaqninif] wold [kiristoos] qixa ta'uu jaraa ragaa qabatamaa naa haa kennituu barbaada.

***Toomaas***:- duraan dubba dheera 2ffaa irraa dee biuu waan hin barbaa nneef, kiristoos wongeela Yohaannis keeasstti "aniif abbaan kiyya tokkoo jedheara.

***Qamar***:- kanaafuu aangoon waaqaatiif kan kiristoos qixa wol hin caalan jechuu keetii?

***Toomaas***:- shakki tokko malee!

***Qamar***:- mee wongeela yuhaanni bogonnaa 14- laakkofsa 28 ammas irra deebii banii dubb isi!

***Toomaas***:- "dhugaa dhugaa isiniin jedha yoo kan na jaalattan ta'ee waaqatu nacaala" jedhe kiristoos.

*wongeela yuhaannis 14 : 28*

***Qamar***:- kamtu dhugaa? jecha keeti moo? kan macaa fa keessaniiti?

***Toomas:-*** nuti kiristaanoonni gama keennaan Hunduu dhugaadha jennee Amanneera. ati garu kan sitti fakkaate fudhachuu hin dandeeta.

***Qamar***:- mee ati naa filii kana qabadhu naan jedhi.

***Toomas***:- ani gama kiyyaan kiristoosiin sii filee qaba dhu.

***Qamar***:- mee ragama tokkoo kiristoos Afaan ufiitiin ani waaqa na gabbara eddoo itti jedhee macaafuma keessa·keessa na gar siisi?

***Toomaas***:- kana sigar sii suu dhaaf dura amanuu qabda namni kiristoositti hin amanne wama fedhellee yoo itti mudhisan ija dhugaa arguun waan hin qabineef arguu hin danda'uu.

***Qamar***:- mee rabbiin si qabee arraba dhiisi woma an sigaafadhu qofa seeraan naa deebisi mee kiristoos waaqa yoo jettan kana wontoota armaa gadii kanneen kitaabum keessan irratti ija hin qabna jettan saniin laaltaniirtu: -

lfaa " iyyassus dadhabe boolla bira taa'e"

*wong yunaannis 4-6*

* waaqini dhugaa nida dhabaa?

2faa:- "Aabi (waaqini) waan dalagu yoo arge malee woldi (kiristoos) ufii kaa'ee aangoo ufiitin wonta to kkollee godhuu dalaguu hin dan da'uu"

wo / *yunhaannis 5-19*

*** waaqini guddan ufi waa uumuu hindanda'uu?**

**3ffaa:- Maleekaan haadha kiristoosi maryamitti dhufee akkana jedheen:-**

**"ilma dhiira deetta maqa isaas kiristoos jettaa" jedheen jedha kitaabni keessan.**

*Luqaas. 1 - 30*

**saalli kiristoos kunoo dhiiraa saallii waaqaa hoo bee kamaa?**

**4ffaa:- 'waaqa guddaa nama uume kan ijaan arge hin jiru' jedha kitaabni keessan.**

won/ *yunaannis 1-18*

*** kiristoos garuu qabamee tumamee fanni fameera nuun jedhaartani. kamiin dhugaa jennee keessaa fudhanna?**

**5faa:- ammas kiristoos afaanuma ufiitiin dubbatee akkana jedhe:-**

**"jechoonni ani dubbadhuu kan dhageettan kun kan kootii /kiyyaa/ mitii kan waaqa na ergeeti".**

*Won/ yuhaannis 14-24*

*** waaqini ni ergamaa? kan waaqa ergatuus eenyu?**

**6ffaa:- ammas kiristoos akkana jedhee afaanuma ufiitin dubbatee**

**'Namni natti amanu kan na ergetti amanuu qaba malee anattii miti'.**

*wong / yuhaannis: 12-44-50*

*** waaqin waaqa ergatu ni jiaa?**

7ffaa:- kitaabnumman keessan " iyyaa suus ni dheebote " jedha. *Wongeela yuhaannis 19-28*

waoqini dhugaa nidhee botaa?

dhuguma waaqatu dheebo tee?

8faa:- "kiristoos yeroo kittaanuuf dhiyeessan buti 8.ture

*Luqaas = 2-21.*

Mee Rabbii guddaa eentu harkaan qabee kittaane? ammas edoo birotti akkana jedha:-

"kiristoos daa,ima garuu yeroo yeroodhaan bekkumsaaf ogumaa dabalate. guddate ture"

*wongeela luqaas= 2-41*

* waaqini yeroo daaima turee san bulchaan dachii samii tana eenyuu turee?

9.ffaa:- " iyyasuus kirisroos ni rafee."

*Wong / maatiwoos - Bo 8=24*

10faa!- Yaa waaqa ka'ii hirribaa hin rafin maalif rafta? Mazmuur 44:23 mee xiin xanxallaa waaqni waa'hunda eegu akkamitti rafa?

- waaqni dachii samii wontoota isaan keesa jiran hundaa hogganu akkamiti rafa?
- eegaa gaa fiwwaan salgan murteessa ta'an kanneen mee keessallee ta'u haga dandeette naa deebisi.?

***Toomaas:-*** gaafiwwaan kana odu sii hin debi siniin duraa waan tokko si gaafachuu bar baada.

*Qamar* : - Rakkoon hin jiru woma barbaadde naa gaafadhu.

*Toomaas*:- ati muslima taate kitaaba keena kana akkamitti hubachoo dan dee tte?

*Qamar*:- kana boodda na gaafatta qabixii jal qabinee kana mee dura haa xumuuru.

*Toomaas*:- qabixii kee tiif gaafii kee si irranfachii suu barbaade miti si dinqisiifadhee si gaafadhe ati baay'ee cimaadha.

*Qamar*:- galatoomi! amma gara deebii gaafii kiyyaa haa deebinu.

*Toomaas*:- gaafi wwaan kan kee salgan kana. deebisuuf qophii yeroo dhaaf waan hin qabineef beellamaan uduu irraa darbine gaarii natti fakkaata.

*Qamar* : murteen kanaa jaarsoota bira jira natti fajjaataa garuu ati wongee laawiin tokkoo yookiin beekaan kiristinnaa badhisuu dhaaf xaarii guddaa gadhu tokkoo saganta mormii irratti dhiyaate mormataa eega turteen booda itti hin qophoofne jechuun kee kan baay'ee nama saal fachiisu natti fakkaata.

*Toomaas*:- kitaabine qulqulluun keenna waan hin beekine tokko hin beeka jettanii dogongoratti hin seeninaa Hubaadhaa deebisaa nuun jedha.

# Mortii Jaarsotaa

*Jaarsootii:-* gaafiif deebii [mormii] guyyaa hardhaa isiin gootan tokko tikkon barreesineera adeemsa mormii tokkoo keessatti garuu mormiif dhufanii itti hin qophoofne jechuun maal akka ta'ee murtee boodaa irratti himinaa hardhaaf goruu mariin keessan kun naamusa gaarii dhaan waan geggee ffameef obboo *qamariif paster toomaasinis* galatoonfataa beellama sambata xiqqa torbaan hardhaa akka Itti fuufu jaarsonni marii kanaa wolii gallee murteesineera.

*Toomaas:-* anii garuu yaadachiisa addaa qabaa torbaan hardhaa yoo wolgeennu akka guyyaa kana hardhaa hirmaattonni baay'een akka hin argaman barbaada.

*Qamar:-* yaanni toomaas dhiyeese kun gama kiyyaan fudhatama hin qabu. Biyya kamittuu mormiin yoo godhamuu hirmaatota kumaatamatti laakkawamaniin marfamee caqafama kun ammoo wonni godhamuuf. hirmaa ttonni mormii san irraatti argaman dhugaa haa arganiif

nabiyyoonni waaqaa hunduu ifatti bayaanni ummata keessatti dhugaa ifa baasaa turan.

ati ammoo Hoyyuun kiristaana tokkoo akkamitti gola [darree] keessatti malee hin dubbadhu jetta?

*Toomaas:-* Rakkoon Akka hin uumamneef malee sodaa biraa qabaaadheetiimi.

*Qamar:-* waaquma si uume jedhii mee dhugama baasii dubbadhu dhugummaa kee kokuudhaan naa mirkaneesi

amma dhugaa Rakkoon ati sodaatte marii kana irratti nama hirmaachuu dhooggituuf maal?

***Toomaas***:-dhugaa waaqa yoo dubbadhee waa lama irraa ka'ee Hirmaanna ummataa jibbeera.

1ffaa:- namonni obisa hin qabine tokko tokko rakkoo uumuu dan'dan kan jedhuufi,

2ffaa:- ijjoon dhugaa ammoo namoonni kiristaana keenna jechoota ati jalliftu kanniin qabatanii nu jalaa jallatanii shakkeet.

***Qamar***:- wontoota hanga ammaa irratti mari'ataa turree keessaa mee wonttummaan ani jallise maali? yookaan wonta kitaaba kessan irra hin jirree kan ani dubbadhe ati ammoo jallinna jeette hubattu qabixii tokkoo qofa mee naa dubbadhu kana jedhi.

***Toomaas:-*** garuu qabixiin ati dhiyeesite hunduu kitaabuma keenna keessaa fiddee garuu …

***Qamar***:- yaada kee uduu hin xumuurin maafi karatti dhaabide?

***Toomaas***:- qorannoo kana narraa dhiisii guyyama beellamanne san hundaa dubbanna hundumaafu mee bilbila kee naa keenni.

***Qamar***:- ok barrefadhuu 0911708679 jedhii naa bilbili nagayatti hundi keessanu nagayatti rabbiin nagayaan wolitti nunaa deebisuu.

والسلام على من اتبع الهدى

Nageenyii nama dhugaa hordofu irratti haa jiraatu.

# Kutaa 5ffaa
# Beellama Guddaa

Eddoon wolgeettii finfinnema eddoo duraa san.

**Jaarsonni**:- lamaanuu argamaniiru.

**obboo Qamar** : argaman.

**obboo toomaas**:- hin dhufne [hin dhiyaannee]

Hirmaattoonni gama amantoota lamaaniitiinu baay'innaan argaman.

***Koreen jaarsotaa***:- akkana jedhani woltajji jalqaban:-

Mariin hardhaa akkuma beekamuu bakka bu'aan kiristaanaa kan guyyaa duraa paastar toomaas gaafiiwwaan obboo Qamar Huseen gaafatan deebisuu dhaaf akka beellamni kennamuuf gaafatanii haaluma gaafii isaaniitiin beellamni hardha kun qabame.

Hardha garuu bakka'bu'aan guyyaa sanii obboo toomaas yeroodhaaf dhiyaate waan hin jirreef sababii hafiinsa isaanii kiristaanonni akka nuu ibsitan kabajaan isin gaafanna.

***Qamar***:- dhiifama yoo naa hayyamtan paastar toomaas sababiin beellam irraa hafaniif yoo naa hayyamtan dubbachuu barbaada.

***jaarsonnii***:- dubbadhu!

***qamar***:- paastar toomaas kaleessa bilbilaan na wamanii ummata heedduu kiristaanaaf muslimaa afotti amantii muslimaa fudhataniiruu.

Muslimoonni asitti argam taniif namonni dhugaa jaalattan

hunduu gammadaa. Beellama hardhaatiif garuu kiristaanonni addee asteeriin bakka buufachuu dhagayeera. Anis qophaaye dhufeera.

***Bakka Butuu:-***

*aadde Aster gizaachoo* jedhama bakka buaan kiristtaanaa Akka hin dhiyaanne kaleessa dhageennee wongeela keennaa namoota Jallisanii [dhossaniif] dhugaa ifa baasuuf kiristaanaa bakka bu'ee dhiyaadheera:

*jaarsonni*:-gaariidha! yaada ddee aster dhiyeeste nuti*jaarsonni*gama kennaan waan mirkaneesinneef itti fufaa.

***Qamar***:- kiristaanota eddoo kana guuttan keessaa addee aster woon geela ifa baasuuf dhufe jechuun isii salphnna guddaadha isin kana beettu?

***Jaarssonni:-*** akkam? Akkam? maal jechuu keeti?

***Qamar:-*** asteer wongeela himuudhaaf fundura keenna dhabachuun amantima isii kan kiristaana keessattuu dhoggaadha.

***Aster***:- kun kijiba dhugaa irraa fagaatee mirga dubartii kan dhiibu amantii muslimaati malee kitaaba keennaa miti.

***Qamar***:- mee adee asteer! kitaabuma keessan *qarontoosi l.faa: boqonnaa 14 laskka 34 : mee ufumaa keeti banii nuu dubbisi!*

*Akkana jedhmee barrefameera:-*

***Aster***:- "...dubartiin tamiiyyuu ummata Afoo dhaabbatte

**dubbatuun dhooggaadha [qaanyiidha] dupartiin takkaa yoo waa dubbachuu barbaa dde manuma keessatti dhiirsa ufii haa gaafattuu mallee ummata keessatti baatee akka hin dubbanne."** Jedha. *Qoron. 1.ffaa Bo. 14 - 34*

***Qamar*:-** Aster! mee kitaaba keessaan kan dubartii duubbiii dhoogu kanaaf - Qur'aana ammoo dubarttii duraan oduu lubbuun jirtuu awwaalamtu kan namaa gadi taatee salphinnaan jiraattuu bilisa baase keessaa kamtu mirga dubartii dhiiba naa ibsi?

***Aster*:-** eega kana ta'ee isin muslimoonni yoo dubartiin fedhii isiitiin surree godhattuu maaf Abaartan.

***Qamar*:-** surreen uffata dhiira ta'uu na mormita mo'o macaafuma keessanuu *oorit za daagimii Bo 5 : laakka 21* dubartiin uffataa dhiiraa hin uffatiin jedhu mormita? surree dhiiraa dubartiin godhachuu kitaabuma keessantu dhooggee maa dogongortaa?

***Aster*:-** mee kunis haa taa'uu gama birootiin rifeensuma mataa isii kan waaqni woliin uumee shaashii itti marii dhoksi jettanii dubartii maa cin qitan?

***Qamar*:-** mee ammas kitaabumaa keessan ka harkaa qabdu kana. *Qoranntosi l.faa Bo 5 - laak. 11 mee banii dubbisi:-*

***Aster*:-** "dubar tiin takka mataa qullaa waaqe ffachuu hin qabidu dubartiin mataa [rifeessaa] qullaa gootee kan deemtu irra gonkumaa haadachuu isii barbaachisa yoo haadachun kan isii jibbiisiisu taee dubartiin rifeensa mataa ufii haa dhoffattuu" jedha. *Qoro. 1.ffaa Bo.5. 11-20*

*Qamar*:- amma garuu ati dogongora guddaa akka qabduu hubatteerta natti fakkaata:-

1.ffa mataa qullaa wongeela ibisuun dogongora ati amma kunoo mataa qullaa jirtaa.

2.faa surree dhiiraa dubartiin kaayatuun kitaabuma keessan irratti dhoggaadha ati garuu ammumaa kunoo surree godhateertaa dogongora.

3.faa wongeela himuuf nu'affoo dhabatuunis kitaabnummaan keessan dhooggeera dogongora.

4.ffaa kana ammoo hanga ammaa kitaaba keessan irratti arguu dhabuunis dogongora.

5.ffaa kana Hunda macaafni kee akka si dhooggee ammaa dhageetteerta haaluma kanaan amantii qabaa jetta surrema tanaan jennatallee seenuu heddaa? mee maaluma dubbattaa?

Ummanni kun hoo maaf sitti kolfa'aara Hubatteerta mee naa deebisi?

*Ummonni*:- Qasha! Qahsa jedhee kolfa.

*Aster*:- Dhugaa yoo dubbannee ani garuu hardha waa lama argadhe[baradhee]

1.ffaa eddoo akkanaa kanneen kitaabuma keenna keessa kan jiruu abboo tiin aman titiif hayyoonni kiristaana keenna keessattuu kan amma eddoo kanatti ijji tiiyya isiin arga'aartu maaf nu dhossitan?

2.faa mormii kana irratti yoo Qamar fa'a na saalfachiisan nagargaaruu diddanii maaliif natti kolfitan? ani garuu

wollaalullee dirqama gama kiyyaa xumuure mee isin garuu uf duuba deebi'aa ufi laalaa.

keessattuu qeesin as keessa teetee natti kolfitu anatti oso hin ta'in ufitti [kiristinnatti kolfaartaa beeki :

*Qeesichaa*:- wedi! Qullitti Duwwittii qara nutu si ergate? maaf maqaa qeesii dhoofita? akkuma jalqabdeen xumuuri.

Ani qeesii yoo ta'es phenxetti erkadhee hin dubbadhu gaafii kiyyaa qophee ffadheera yeroo kiyyaa eegadhee dubbadha mee dura atumman oduu kan kee xumuuri.

* Hirmaatotaa keessaa tokkoo harka baase akkana jedhe - mee dhiifamaa wojji obboo Qamar ani amantiin kiyyaa joovaa jedhamaa akkaata Amantaa kiyyaatittii kirstoos ergamaa waaqa irraa siif ergame malee waaqaa mitii garuu Aniif ati dhimma kana irratti wolii gallaa natti fakkaata haa ta'uu garu kiristoos cubbuu kee kan sirraa haquuf siif ergamee ta'uu hoo ni mormitaa?

*Qamar*:- kunoo ammaa wonti haaroofni dhufe jechuudha kiristoos goofitummaa irraa gara ergamaatti gadi siiqee jechuudhaa.

*Qeesichii*:- qaxxaamura seenee dhiifama ani gama kiyyaan nama gooftaa kiristoosiin ergamma'a jedhuufi nama macaafni qulqulluun jecha waaqaatii mii Jedhuu haaluma kamiinuu yoo ta'e wolii galuu hin dan da'uu namni joovaa ufiin jedhuu kun kiristinnaa akka hin taane muslimonni nuu beekuu qabidan.

*jaar sonnii*:- seera woltajjii kanaatti namni kamiiyyuu hayyama jaarsootaa malee dubachoon dhowwadha seera haa

egnuu garuu isin nama guddaa waan taa taniif qabixii duraa xumuurree caarraa isiniif kenninaa ammaaf obboo qamar iti fufaa jedhanii murteessan.

***Qamar***:- qeesichii lolu kun dhugaa qabaa me najalaa hin tuqinaa booda wolitti dhufnaa ammaaf garuu yaada namichii amantii ***joovaa*** kun kiristoos cubbuu sirraa haquuf sii ergamee fudha dhu naan jedhu kana waa hubachiisa suu barbaada.

Quraa'nnii keenna yaa nu gorsu akkana jedha:-

﴿وَلَا تَزِرُ وَازِرَةٌ وِزْرَ أُخْرَىٰ﴾ الأنعام: ١٦٤

**Hiikkaan**:- lubbuun nama tokkoo cubbuu nama biroo hin baadhattuu.

*suuraa an'aam lakka -164*

amumas eddoo biroo titti akka jechi kee kijibara'ee qur'aanni ni dubbara.

﴿وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ لِلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ ٱتَّبِعُوا۟ سَبِيلَنَا وَلْنَحْمِلْ خَطَٰيَٰكُمْ وَمَا هُم بِحَٰمِلِينَ مِنْ خَطَٰيَٰهُم مِّن شَىْءٍ ۖ إِنَّهُمْ لَكَٰذِبُونَ﴾ العنكبوت: ١٢

**Hiikkaan**:- "Worroonni kafaran worroota rabbitti amananiin akkana jedhan kara keenna qabadhaa cubbuu keessan isinii baadhanna jedhan garuu cubbuu issanii hin baadhatanii isaan kijibuma dubbatan malee". jedha rabbii keenna.

*suuraa ankabuut laakka 12*

Kanaafu kiristoos cubbu namaa kamiyyu hin baadhatu jenne nuti musiimonnii amanna.

***Namticha joovaa***:- nuti qur'aan'a ati nutti himtu kana jecha waaqaati jennee waan itti hin amamneef hin fudhadhuu.

***Qamar***:- qur'aanni jecha waaqaatimi yoo jettu mee mali'iin mirka neessita ragaa naa fidi.

***Joovaa:-*** Qur'aana dubbisee waan hin danddeenneef hin beeku garuu ragaa macaafa qulqullu keenaa irraa sii dhiyeessu hin handa'a.

***Qamar***:- wonta ufii dubbiftee hin beekne tokko maqaa balleessuun nama biratti jibbamaa rabbiin birattis kan namaa gaafachiisu waan ta'eef qur'aaana muslimaa mormu yaalu uduu irraa gabaabbatte garii natti fakkaata.

Ani gama kiyyaan garuu ragaa ati narraa feete kana macaafuma keessan kan ati harkatti baattee deemtu kana keessaa cubbuu keessan kiristoos akka hin baadhanne si garsiisaa mee caqasi.

*Raajii hizqeel [tinbita, hizqe'eel] Bo: 18 laakka: 20* : banii mee dubbisi:-

***Joova:-*** "---namni tokko cubbuu nama tokkoo hin baadhatu.

cubbuu ilmaatiif abbaan hin gaa fatamu cubbuu abbaa tiif ilmi hin gaafatamu---- hunduu badii ufii hojjaten ufumaa gaafa tama" jedha

*[tinbita, hizqe'eel] Bo : 18 laakka: 20*

***Qamar***:- kitaabini keessan kunoo akkana jedhaa ati ammo kiristoos cubbuu nuu baata jettaa kamtu dhugaadha? Jechaa kettu dhuga moo? jecha macaafa keessaniittu dhugaadha?

*Joovaa*:-eddoon amma dubbifne kun shaarameera kiristoos wongeelaan harawoomseera.

***Qamar***:- aangoo keeetiin yoo ati shaarte malee kiristoos hin shaarre. Ammas kitaabni keessan jecha kee kana si kjibsiisa.

* *mee wongeela maatiwos Bo 5-17 banii dubbis*:-

***Joovaa***:- kiristoos Akkana Jedhe "ani seeraa macaafa qulqulluutiif seera nabiyyoota na dura ergamanii shaaru'uuf hin dhufne isuma san mirkaneessuuf dhufe."

*wongeela maatiwoos Bo. 5-17*

***Qamar***:- kamtu dhugaa? Jecha kitaaba krrssani kana moo jecha keetii?

***Joova***:- ati kitaaba keenna keessa jechoota nama rakkisuu qofa maaf dhiyeesita?

mee kiristoos kan cubbuu sirraa haqa jennellee haa dhiifnu kiristoos ergama rabbii kan waaqa irraa sitti ergame ta'uullee ni mormitaa?

***Qamar***:- namni isin kiristaanota jallisee rakkise akkanatti haa rakkatu ani mee maal godhee si rakkisee? gaafiin kee garuu deebii argatuu qabaa kanaafuu aniif muslimoonni Hunduu Iyyasuus /Iisaan/ ergamaa waaqa ta'uu ni amannaa kan ergameef umataa oromo'otiif oso hin tain ummata israa'ee liitif qofa'tauu garuu ati ni beekta natti fakkaata.

***joovaa***:- kiristoos ergamaa ummata israa'el qofaa ta'uu mee eessatti argite naa fidi?

***Qamar***:- kutaabuma keessan keessatti kiristoos akkana jedhe "ani kan ergameef ummata israaeel qofaafi". Jedhe.

*wongeela maatiwos Bo 15-24*

***Joovaa***:- eddoo birotitti kiristoos hawaa riyoota isaatiin won geela kiyyaan deema addunyaa hundaaf geessaa jedheera.

***Qamar***:- seera loogikii adunyaatti wonti wol faalleessa tokkoo lamaanu qixaa dhugaa ta'uu hin danda'an. knaafuu kamtu dhugaa? kamtu dhara? naadeebisi?

***Joova***:- ati gama keetiin waan sitti fakkaate qabadhuu garuu seera keennatti mormii guddisuun dhoogaa waan ta'eef mee amma mormii kana haa dhiifinuu.

***Qamar***:- anis kan sirraa eegaa turee dhugaa qabatte na mormitaa osoo hin ta'iin dhugaa biraa geettee saalfattee dhaabattaa waan ta'eef deebii kiyya argadheera.

***Joovaa***:- garuu muhaammadis yoo ta'e kan ergameef arabaaf malee addunyaaf ergame kan jedhu Quraanuma.keessan irra woyi jira?

***Qamar***:- akkam hin jiruu jettee shakkitaa? suuraa furqaan ani sii dubbisaa mee ati naa caqasi.

﴿تَبَارَكَ ٱلَّذِى نَزَّلَ ٱلْفُرْقَانَ عَلَىٰ عَبْدِهِۦ لِيَكُونَ لِلْعَٰلَمِينَ نَذِيرًا﴾ الفرقان: ١

***Hiikkaa** : rabbiin gabricha ufii irratti furqaaniin buuse ol ta ee jedha.*

*Suuraa furqaan laakka -1-*

***Joovaa***:- *gabricha* jedhe[1] malee ergama kiyya jedhe ree? kun ragaa qur 'aana malee ragga ergama keessanii ta'uu hin danda'uu.

***Qamar***:- wontoota isin nu gaafatuuf teettan hundaa rabbiin keenna dursee waan beekuuf deebii qopheessee qur'aana keessa nu kaa'eera' kan ati barbaades ima jira Akkana jedha.

﴿وَمَآ أَرۡسَلۡنَٰكَ إِلَّا رَحۡمَةٗ لِّلۡعَٰلَمِينَ﴾ الأنبياء: ١٠٧

**Hiikkaan "[yaa muhammad] Rahmata adunyaa kana Hudaatif male wanta birootiif sin ergine.**

*suura:al anbiya'a laakka : 107*

***Joovaa*** : - eega kana to'ee maalif Rabbiin ergamuu issa kitaabaa qulqolluu keenna keessatti hin dubbanne?

***Qamar***:- Rabbii Tooraatiif injiilii dhugaa kan duree keessattille nabi muhammad s.a.w. akka ergaman dubbateera

garuu kan amma kana keessaa harkuma keessantu keessaa balleesse natti fakkaata.

***Joovaa*** : - kanaafu macaafni keennaa akka rabbi irra bu'een hin jiruu harki namaa itti seeneera Jechuu keetii?

***Qamar***:- shaakkii tokkoo malee Afaan guutee yoo barbaadde raggaa qabatamaan kitaabuma keessan irraa si garsiisuu ni danda'a.

***Joovaa***:- eega ani gama kiyyaan asumatti yaada kiyyaa dhaabe jechi Obboo qamar macaafni qulqulluun Jecha waaqaati miti jedhu kun dhimma kiyya qofa osoo hin ta'in dhimma kiristaanota adunyaa Hundaa waan ta'eef keessattu qeessonniif hayyoonni kana caqaftan maaf calliftan ani garuu gama kiyyan asitti dhaabe galatooma.

***Qamar***:- Qeesotaaf hayyoota dhiisi Hogganaan keessan gudichillee yoo *baabaa* wojjiin dhufanillee ragaa qabatamaa dubbii kiyyaa kana diiguu yoomu fiduu hindanda'an. irra deebiaa gonk umaa hin dan da'n.

***Jaarsoota:-*** eega namtichi kunis mormii dhaabe jedhe gama kiristaanotaa tiin ammas bakka bu'aa biroo kennadhaa.

kanumaan wojji akkuma nu hunduu woltajjii irraa huba ta'aarru qabixiin mormii garuu. *macaafni qulqulluun kiristaanoota jechaa waaqaati?* mata duree jedhu jalatti kan dubbatama'aaru ta'uu akka hubattan isin yaadachiifna.

***kiristaanonni:-*** *Qees Hayla-rufaa'eel Nagaash.* nurraa akka bakka bu'an nuti kiristaanonni eddoo kanatti argamnu qoonqa tokkoon murteesineeera.

***Qamar:-*** anis kan Hawwaa turee qesichaa kanaan wojji dubbachuu waan ta'eef mormii takka malee simadhee fadhadha qeesicha kana irratti mormii takkallee hin qabuu.

***Jaarsota:-*** yaada keessan nutis akkuma jiruun fudhanneera garuu mormii keenna kan hardhaa as irratti xumuurree beellama boruu irratti sagantaan kan Qeesichaatiif kan obboo Qamarii ta'uu beektanii bori ganama sa'aa 3 irratti akka dhiyaattan kabajaan isin beeksifna.

**Yaadachiisa**

Mariin kun dabahii baa'yinna ummata irraa kan ka'e finfinne irraa gara magaala Awaasa akka ta'uu gaafii kiristaanotaa tiin murteefa meera.

# Kutaa 6ffaa
# Qeesichaaf Sheekicha

***Qees:-*** maqaan koon hayila-rufaa'eel jedhama leenjiin barumsa kiyyaas kitaaba Qul qulluu kiristaana irratti yoo ta'u ti'ologiidhaan digriin eebbifameera ammas qeessummaadhaan amantii ortoodoksii mana gabreel awaasa keesatti hogganuuf barsii suu irratti argama.

***Qamar:***

بسم الله الرحمن الرحيم وبه نستعين على أ مور الدنيا و الدين، والسلام على مـــن اتبع الهدى و المبين : وبعد

**Hiikkan**:- gabaabamatti maqaa rabbiitiin jalqabà jechuudhaa…

Anis D/ Qamar Huseen Jedhama amant islaamaatii sabjektii tokkumma rabbii tiin Digiriidhaan eebbifame ammas doktora dhukkubaa onnee kufriif shirkiin miidhamteeti.

Yeroo Ammas akkuma beekamu dalagaan tiyya irra guddoon woldhaa numa onnee dhibamte kanaati.

***Qeesichaa:-*** marii keenna maal irra jalqabuu akka qabinu ifa natti fakkaata?

***Qamar:-*** anaaf ifaa garuu namoonnii hedduu kan hardha dhufan waan jiraniif osoo ifa gootanii garii natti fakkaata.

***Qeesichaa:-*** mariin keenna kan Hardhaa macaafa keenna kan kiristaana muslimoonni yeroo ammaa bifa Adda Addaatiin ragaadhaaf itti fayyadama'aaru garuu gama birootiin ammoo jecha waaqaati miti jedhaanii kan dubbatan dhageennaa

kanaafuu dhimmii kun addaan baafa mee ijannoon laaqaman muslimtoota kun sirraawu qabaa kan jedhuuf wol geenne.

garuu kitaaba tokko cinaa isaa fudhataa cinaa isaa salphisuun yaada laaqamaa ejjannoo hin qabineedha.

kanaafuu gaafiin ani obboo gamariif dhiyeesus kitaabini keenna eega jecha waaqaa hin ta'in maaf kunoo ragaadhaaf itti fayyadamtan? naa deebisaa isiniin jedha.Galatoomaa.

*Qamar:-*

﴿رَبِّ ٱشْرَحْ لِي صَدْرِي وَيَسِّرْ لِيٓ أَمْرِي وَٱحْلُلْ عُقْدَةً مِّن لِّسَانِي يَفْقَهُوا۟ قَوْلِي﴾ طه: ٢٥ - ٢٨

**Hiikkaan**:- "yaa raabbii qoma tiyya naa badhisi dhimma kanas naa laaffisi loqoda arraba kiyya irraa naa balleesi aka wanta ani jedhu kana na hubatan naa godhi.

*Qur. suuraa xaanaa laakka:-25*

eegaa yaa Qeesicha kana ani mee woma tokko qofa si gaafadha atis isuma qofa naa deebisi:- gaafiin kiyyaa:-

mana woyii ijaaruuf kaatee ogeessi mana ijaaru kun maagara /muka qaqajeela / 80 dhiyeesi jedhee sidirqamsiisee magaalaa baatee daldalaa mukaa yoo dubbiftu muka kana 80 qajeelaa 20 ammoo daddabaa sii dhiyeessee addaan baase hin gurguruu hundumaa bitadhu yoo kaan dhiisi deemi yoo siin Jedhe ati ammoo Akkaan yoo muka kana kan barbaaddu ta'ee mee Akkam goota?

***Qeesicnaa***:- caarraan ani qabu daddabaaf qajeelaallee wolumatti qabe bitee kan barbaadu itti fayyadamee kaan dhiisa.garuu fakii kanaaf kitaaba keenna qulqulluu mee maaltu wolitti fidee?

***Qamar***:- anis kitaaba keessaan yoo gabaa keessaa bitu haalumaa kanaan wan argeef akkuma jiruun bittee eddoo qajeelaa itti fayyadamee eddoo jallatee adeemsa Rabbiitiin wol dhabutti mormuun kiyya filanna dhuga'aati natti fakkaata

Fakii kana garuu atuu dhugummaadhaan mirkaneesiterta kana godhuun garuu ijjannoo dhabuu natti hin fakkatu.

Ejannoo hin qabdan jechuun kee rabbii akka sii dhiisu jecha kee san sirreefadhu.

***Qeesich***:-mee eddoo kamituu macaafa keenna keessatti jecha waaqaa ta'uu didee Jallatte na garsiifta?

***Qamar***:-

سبحان الله! "الله أكبر

Hiikkaa "Rabbii qulqullofte! "Rabbi guddatte!

kitaabini keessan eddoo baay'etti ufuma wol faalleessee ejannoo uf dhabisiisu garta mee ati qeesiidhaa waaa si gaafadhaa waaqni jechoota lamaan wolfalleessan nidubbata jettee amantaa?

***Qeesicnii***:- waaqini wanta wol faalleessa akkamitti dubbata! wonttonni wol folleessan tokko haaluma kamiinu jecha waaqaa ta'uu hin danda'an anis kana hin fudhadhu.

***Qmar***:- jechii kee kun booddee ni jijjiramaa na shaksiisa wonti keesssan eddo takka hin dhaabbatuu maal woyya?

***Qeesichaa***:- mee arraba dhiisii kitaabini keenna eessatti wol faallesa suutaan naa himi.

***Qamar:-***

## Jechoota wol faalleessan

## Kitaaba kiristaanotaa keessaa

1.ffaa

"waaqni wonta dalge tokkoof maaf kana dalage jedhee hin seena'uu" jedha kitaabni keessaan. *za.Hulquu:- 23-19*

*gaafii qeesichaaf*

Jechii kun Jecha kitaaba keessanii ta'uu woyi shakkitaa?

***Qeesichaa:***-Akkam? ija tiyyaan osoo argu shakkaa kun jechuma waaqati dhugaadha shakki hin qabuu.

***Qamar***:- kanaafu atis waaqni waan dalage tokkoo deebiee maaf dalage jedhee hin seena'uu jettaa?

***Qeesichi:***- ee waaqini beekaadha nama hin taanee akkamitti seena'a

***Qamar:-*** mee ammas qabixii armaan gadii macaafuma keessaan keessaa jiraa dubbisi.

2.ffaa "waaqini samiif dachii uumuu dhaan seenaye"

*Z fixratii 6=6*

gaafii:- jechii kun hoo dhugumaa jechumaa waaqaati?

*Qeesichaa :* -mee! Mee! maacaafa kiyya san boorsaa keessa naa keennaa

Jedhee eega hubatee laaleen boodaa akkana jedhe:-

eddoo kanaa Rabbiin badii namoonni dachii irratti rawwaa tan eega argeen booda seena'uu isaa macaafini eddoo kanatti

ıbiseera malee yerooma Hunddaa waaqni ni seenaya jechuu miti eddoo kana Akkasitti Hubachuu qabida.

***Qamar***:- yeroo Hundaa miti yeroo tokko tokkoo waaqni ni seenaha jechuudha?

***Qeesichaa***:- ee! ee! yeroo san qofa waaqini seenahe.

***Qamar*** : سبحانه وتعالى عما يصفون

Hiikkaan

"wontoota isin itti fakkeesitan irraa Rabbiin qulqullaa'ee"

***Qamar***:- waaqini keessan karoora Hin qabuu wontoota fundaratti isa qunnaman hin beeku? waan ofii uumeef akkamiti deebi ee seenawa?

mee barataan keessan tokkoo yoo qormaanni dhiyaateeef *dhugaa* yookkaan *soba* jedhii deebisi jedhamee yoo gaafatamee gaafii "waaqni ni seenaaha" jecha jedhu kana soba moo? dhugaa jedhee deebisa? gabaabamatti Jechoota wol Faallessan lamaan kaniin keessaa kamituu dhugaadhaa?

***Qeesicha***:- lachuu dhugaa dhaa.

***Qamar***:- mee akkamitti nama sammu fayyaa qabduuf sammuu guutuu jirtuun wontoota wal faallesan lamaan laachiinuu dhugaadha jedhanii fudhatan?

***Qeesicha***:- akkam godhan ree lachuu jechuma waaqaati fudhachuu qabna edddoo takkatii tanaaf jennee kitaabni kiristaanota jecha waaqaatimi jechuun waan hin mallee.

***Qamar***:- ammas kan kanuma fakkaatu kan biroo yoo jiraate hoo? ammas akkumaa duraanii lachuu dhugaadha jennaa?

***Qeesicha***:- san booda mari anna mee kana irra dabrii kan biroo yoo jiraate nagarsiisi.

***Qamar***:- mee akkuma ati jette haata'u. kana dhiifne kan birotti dabrinaa ati mee na hordofi.

2.ffaa

*waaqa dachii samii uume ijaan namini arge jiraa? mee naa deebisi.

***Qeesichaa***:- akkam maal jechuu keetti ilmi nama waaqa ijaan arguu akkamitti danda'a? macaafini keenna ilmi namaa waaqa ijaan argee lubbuun jiraachuu akkaa hin dan deenne *oriti za tsaa'ati Bo. 34 - 20 irratt* mirkaneeseera.

***Qamar***:- amma ammoo faalla jecha kana kitaabuma keessan *oriti za fixrati Bo. 32-20* irratti namni yaaqoob jedhamu tokko waaqa ijaan arguu isaa mirkaneseera.

*oriti za fixrati Bo. 32-20*

***Qesichaa***:- kun garuu gaafa tokkoo rabbiif yaaqoob woldhaansoo baatee yaaqoob rabbiin nabarakachiisi jedhee qabee gadi dhiisuu didee halkan guutuu wol mokkoraa turaniiru. yeroo san qofa yaaqoob waaqa ijaan arge garuu yaaqoob qofa malee waaqa kan arqe tokkoollee hin jiru.

***Qamar***:- Kun ufiifu ajaa'ibuma ilmi nama waaqaan woldhaansa bahee jettaa?

sila abboo mataan fayyaa guutuu qabu jecha kana akkamitti fudhata?

***Qeesichaa***:- yoo kasiigaluu yaa'qoob qofatu waaqa ijaan

argee siin jedheera kan biroo namni tokkollee waaqa ijaan argee hin jiruu.

***Qamer:-*** akkamitti yaaqoob waaqa argee lubbuun hafee? ragama kee kan *za tsaa'atii 34-20* irraatt waaqni ilmi nama na argee lubbuun jiraachu hin dan da'u jedhee waaqni dubbateera jettee sana hin irranfatte moo akkuma duraan dubbadhe ijannoo kee jijjirte (shaarte)?

2.ffaa macaafuma keessan wongeela yuhaanniṡ Bo.1 - laaka - 18 irraatt nami tokkollee kan waaqa ufii ijaan argee hin jiruu jedha.

Jechii kun hoo dhara moo dhugaa?

***Qeesicnaa:-*** Maal jechuu barbaadda? kitaabini kiristaanotaa kijibaa jechuu barbaadde mo'o maal barbaadarta fedhiin kee naaf hin galle maal sii haa deebisu'uuf na qorqorta?

***Qamer:-*** woma barbaadde naa deebisi ani garu deebima barbaada malee wonta biroo barbaadaaa hin jiruu.

***Qeesicha:-*** wonti ati beeku qabiduu macaafni keennaa tooraatii muusaa irratti dur bu'e kan ati dubbiftu kana dhiifnee wongeela qofatti akka amanuu qabinu phaa wulos *qorontoosi 1.faa. Bo. 3 – 6 irratii* nuu dhaameera.

***Qamar:-*** kanaafu oritin (toowu raat) shaarameera jechuudha?

***Qesichaa:-*** ee! kitaaba ooriitii wongeellii kiristoos shaaruu kiriastoosimmaanu afaan ufiitin dubbateera.

***Qamer:-*** mee eddoo kamitti kiristoos seera nabiyyoota isa dura dhufanii shaaramuu dubbate naa ibisi?

***Qeesichaa***:- eddoo kiristoos itti dubbate hin yaadadhu.

***Qamer*** : - mee wongeela maatiwoos boqoonna 5- laakka 17 banii wolumaan haa laalluu dhimma kana addaan nuu baasuu hin ooluu natti fakkaataa.

***Qeesichaa***:- Tolee! mee bani kaa! ni laallaa.

Akkana jedha:-

"kiristoos Akkana jedhee ani seera nabiyyoota ana dura ergamanii tokkoo llee shaaruuf (dii guudhaaf) hin dhuufnee mirkaneesuu dhaaf dhufe malee." jedha.

*wongeela maatiwoos: Bo. 5-17*

***mannii***:- Hunduu qeesichaa xiinxallee laaluu eegale.

***Qeesichii***:- fuullii Aariif saala irraa kan ka'ee diimatuu eegale.

***Qamar***:- yaa qeesichaa kana rabbuma si uume jedhii ammas macaafini keessan kun ufumaa kan wol falleessu ta'uu isaa hin hubannee [hin amantuu]?

***Qeesichaa***:- garuu wongeela keessa won ttoonnii wol faalleessan tokkoollee akka hin jirree atis hubachuu qabda.

***Qamar***:- wongeeluma keessattis jechootuma akkana wol faalleessan yoo argite tarkaanfiin ati fudhattu mee maali nuu ibisi?

***Qeesichii***:- yoo wonti akkanaa woongeela keessatti argamee guyyaa hardhaa irraa jalqabee macaafa kana afaan guutuu dhaan jechaa waaqotti jechuun natti ulfaata.

3.ffa:-

***Qamar***:- mee woongeela yuhaanniis Bo. 8-14 banii

**afaaanuma keetiin dubbisi. akkana jedhaa:-**

"kiristoos Akkana jedhee

" ani dhimma kiyya irratti yoo waa nagaafatanii ragaa kiyya yoo kenne ragaan kiyyaa sun dhu gaadha ". jedhee kirstoos dubbate.

*wongeela. Yunnaanniis. Bo. 8 –14*

**gaafii:-** jechi hun kan kitaabuma keessaniiti?

***qeesicha:-*** eekaa! kitaabuma keenna.

***Qamar:-*** mee ammas wongee lunma kana Bo 5-31 banii dubbisi

"ani dhimma kiyya yoo ragaa nagaafatani dubbadhe ragaan kiyya sun kijibaa "

jedhee kiristoos afaanuma ufiitin dubbate.

*wongeela yunaannii Bo 5-31*

ammaa garuu dhugaa ani addeessuuf xaaru taana atis argite natti fakkaataa mee amma mal jetta? Dubbadhu.

***Qeesichaa:-*** maacaafini keennas garuu wontoota badaa hunda irraa nama dhooggaa kanaafuu fakkeennaaf mormii hin baay'essina nuun jedha amma uduu marii kana dhaabne.

***Qamer*** : kitaabni keesssan inuma wonta badaaa dlagaa jedha malee hin dhoogguu yoo isin ufumaa keesanii dhoggitan malee.

**Qeesicha:-** wonta badaa mee maal dalagaa jedha.

***Qamer:-*** kitaabni keessan akkana jedha dhagayi qeesicha:-

Dureessiniif abbotiin aangoo woyiin xajjii akka hin dhugne uf haa eeganii yoo dhugan machaayanii murtee hiyyesaa wan jallisaniiif dhoggamaniiru garuu nama rakkatee (hiyyoomatetti) woyiin xajji keennaa dhugee hiyyumaa haa irraanfatuu han guma dhumaatu hiyyummaasan akka hin yaadanne haa dhuguu. jedha

*Maxaafa missaalee Bo. 31 –laaka 6*

***Qeesichaa***:- i xajii hiyyeesi haa dhuguu dureessa dhoogga kan jedhu kunis garuu oriitiin keesa jira malee wongeela keessa mitii.

***Qamer***:- wongeela keessallee xajji dhugaa kan jedhuu yoo jiraate hoo?

***Qeesicha***:- mee na garsiisi waa qayyabadhaa.

***Qamer***:- qorontoosi 1.ffa Bo 5. laakka. 23. irratti phaawulos akkan jedha. " yeeroo hunda bishaan qofa hin dhuginaa xiqqoo woyiiin xajji dhugaa."

***Qeesicha***:-ani gabaabamatti kitaabni keennaa mormii hin guddisina waaan nuun jedhuuf marii dhiiseera.

***Qamar***:- macaafni keessan eddoo kamitti Akkas isiniin jeedhe amma na garsiisuu dandeettaa?

***Qeesicha***:- nuti akka keessan mormii akkanaattu nu qunnma jennee wonta hin qophoofneef qabixoota akka kee sammutti guurachu hin yaallee malee ima jiraa.

***Qamar***:- isin macaafa keessan samnutti qabattanii akka muslimoonni haafizal - qur aana jedhaman *haafizaal macaaf quddusii* taa'uu osoo hanga feetan xaartanii akka hin

dandeenne waan beekuuf kanaaf sin komadhuu garuu waan isiin gaafatan qeesii taatanii wollaluun isin tajjabsiisuu hin ooluu beekaa:

Amma garuu gara qobixii keennaa haa dee binuu ammas ati macaafini keessan kun hanga amma rakkoo isa keessaa kana argitee hubattellee jechuma waaqaati jedhaartaa?

***Qeesichaa***:- mee ati jechoota ammaa kanaan alatti wontoota biroo kitaaba kana jecha waaqaati mit wontoota Jechisiisuu fakii biroo qobidaa?

***Qamar*** : - uduma beettu maaf naa xaarsita?

mee waan tokkoo qofa si haa gaafadhu!

macaafini isin qulqullu jettanii dhaadattaniin kun burqaa isaa namoota meeqa irraa maddeera beetta?

***Qeesichaaa***:- isammaa namoota - 60 - oltuu macaafa kana barreesee

***Qamar***:- mee fakkeennaaf jaraa keessaa maqootii namoota - 3 - qofa naa dubbisi

***Qeesichaa***:- qasha qasha jedhee kolfuu eegale.

***Qamar***:- mee hin kolfinii rabbiin sodaadhu naa deebisi

***Qeesichaa***:- maqa namootaa katabanii atuu hin beettaa maaf naa gaafattaa qur aanas namumatu barreesseemi?

***Qamar***:- entu barresse jedhee sin gaafanne yaada kitabicha keessan keessatti argamu entu burqisiisedha gaafiin kiyyaa ati dubbadhuu wonti jedheefis sirrumaa dhagahuu barbaadeeti mee jarri sun eennu fa'a maqaa jaraa ifuma baasi naa dubbisi.

***Qeesicnaa***:- namoonni maacaafa tooraattii [oriitiin] barreesan.

1/ Muusaa 2/ ኤርሚያስ 3/ Iyyaasuu fa'a yoo ta'an

* Zabuuriin kan barreese ammoo daa witii.

* Wongeelota kan barreessanis

1/ Maatiwoosi

2/ Yuhaannis

3/ Maarqoosif Luqaas faa ta'uun beekamaadha.

***Qamar***:- dubartii keessallee mee ittuma dabalii.

***Qeesicha***:-Aster, tan Jedhamtu takka ni jirti.

***Qamar***:- 1.ffaa namoonni kunniin aango jechaa waaqa barree ssuu eentu keenneef?

2.ffaa - wongeela kana hunda keessa kan iyyasuus ufii isaatti barree see jettaan mee wongeela kam jiraa naa himi?

***Qeesichaa***:- hin jiruu garuu namoonni barressan kuniin akka nabiyyootaa waaqatti dhiyeenna guddaa waan qabaniif womaa waaqni itti mudhise qofa barreessaniiru jennee amanna.

***Qamar***:-mee afaan guu ttadhuu dubadhuu namoonii kuniin hunduu dhuguma nabiyoota rabbiti jettaa?

***Qeesicha***:- akkuma nabiyyoota waaqatti dhiyeennaa waan qabanii siin jedhee.

***Qamar***:- Aster tan Jedhamtuus nabiyyii rabbiiti jedhamtii?

***Qeesicha***:- kan isii garuu hin beeku.

***Qamar***:- atii qeesii kiristaana taatee akkamitti eenyummaa nama kitaaba keessan barreesse wollaalta?

Kanumaan wojji ammas kitaaba keessan kanaan jecha waaqaati jettaa? ammas mee Gaafii dhumaa si haa gaafadhuu

maacaafni kun Jecha waaqaa eega ta'e won toonni isaa keessatti barreefaame hunduu dhugaa ta'uu qabaa jettee yaaddaa?

*Qeesicnaa*:- ee! shakkii tokko malee dhugallee ammas dhugaa ta'uu qabaa Jedhee amana.

*Qamar*:- mee tinbiita isaayyaasii Bo. 7-20 banii dubbisi!

Akkana jedhamee bareefameera.

"guyyaa san waaqini mullaacii [ haadduu ] laga gamaa ergifateen nugusa aasooriitiin rifeensa mataatiif rifeensa lukaa ufi haadata". Jedha.

mee waaqini samii dachii uumee rakkatee mullaacii ergifataa jedhee sammuu kee si fudhataa?

*Qeesichaa*:- garuu eddoo kana hanga amma anii gara kiyyaan hin arginee amma arguu kiyyaa.

*Qamar*:- amma hanga dhageette argitee hoo jechi akkanaa kun jecha waaqaati jettee fudhattaa?

*Qeesichaa*:- eddoon kun garuu amma siideebisuudhaaf baay'ee na rakkisa.

Akkamitti Waaqini guddaan mullaacii ergifata jedhamee barreefameera?

Jechii kun garuu uduu hin hubatin jecha waaqaati Jedhee dubbachuun anas baay'ee rakkisa.

*Qamar*: - kanaafuu amma murteen kee kan xumuura maal?

rakkinnuma argite kana wojjiinuu amma kitaabin kun jecha waaqini dubbatee barreeffame jettaa?

*Qeesichaa*:- eddoo amma ati dudubbifte kunniin garuu jechoota waaqaa yoo hin taanees jechoonni waaqaatis macaafa kana keessa waan jiraniif jecha waaqaati miti jechuun hin daan'da'amu.

*Qamar*:- eega kana tae kitaabini keessan kun qulqulluu dha jedhanii dubbachuun danda'amaa?

*Qeesichaa*:- debii kana amma hin deebisuu bilbilaa kiyyaa sii keennaa bilbilii nagaafa dhuu.

*Qamar*:- gaarii dhaa! mee garuu ummatuma kana afotti waan tokkoo qofa si gaafadhaa naa dee bisii.

*Qeesichaa*:- gaafadhu yoo wonta dan da'uu ta'e sii deebisaa yoo kan hin dhiisaa.

*Qamar*:- mee maal shakkitee yoo kan danda'uu ta'e jecha jedhu jala keettee kna atiin qeesii dadhabde maaltu deebisaaf kana jetta?

*Qeesichaa*:- kanaan dura gaafiwwaan muslimoota baa'yee dhagahee shakkiin tokkoo tokkoo natti seeneera hardha garuu hanga amantama kiyya kan irra tureef kitaaba qulqulluu keenna kana akka shakkuu na godhaara.

*Qamer*:- namni tokkoo adaduma [sadarkamaa] dhugaa arguun dhara irraa fagaatuun isaa shakkii hin qabu.

Hundaafuu gaafiin kiyyaa naa caqasii jechoonni qur'aana Hun duu jechoota rabbii ta'uu isaa muslimoota Hunda biratti

beekamaadha ati dhimma qur'aana keennaa kana irraatt moormii qabdaa?

*Qeesichaa:*- nuti kiristaanonni rakkinnii akkanaa nu qunnama jennee waan hin qophoofneef Qur'aana keessan hin qua'nnee kanaafu quraa'na keessan hin beekuu.

*Qamar:*- eega quraa'na irratti mormii hin qabinee burqaan jeechoota qur'aana keessaa Hunduu rabbi irraa burqan jettee akka amantuu abi'dii qaba.

*Qeesicha:*- garuu qura'ana keessan keessas akkuma isiin keenna sorfitan oduu sorfanii akkuma keenna wontoonni wol faallessan tokko tokko hin dhabaman.

*Qamer:*- jeha kankee kana rabbiin keenna quraa'nnumaan keennan dubbatee yoo kijibsiisu akkana jedha.

﴿ أَفَلَا يَتَدَبَّرُونَ الْقُرْآنَ ۚ وَلَوْ كَانَ مِنْ عِندِ غَيْرِ اللَّهِ لَوَجَدُوا فِيهِ اخْتِلَافًا كَثِيرًا ﴾ النساء: ٨٢

Hiikkan:- "sila qur'aana kana hin xiinxallanii uduu jecha rabbii biraa bu'e ta'uu baatee silaa isa keessatti wol dhabiinsi hedduu argamaa ture."

*Qur. suuratu – an-nisaa'i: 82*

Seerri namni cimaan tokko qoopheessee wol hin faallessu akkamiti seerri rabbi guddaa wol faalleesa jettee yaada?

Akkuma amma gubbatti dhageette jechi kun kan rabbi ufumaa afaan ufiitiin dubbate maaleee kan akka kitaaba keessanii namni irraa dubbatuu miti

*Qeesicha:*- akkam waaqni keenna kitaaaba keenna irratti ufii hin dubbatuu nama biraatuu irra dubbata jechuu kee sirri natti hin fakkkaatuu.

***Qamer***:- kana mirkaneefachuu yoo barbaadde mee jalqaba kitaaba keessani *za fixiratii Bo.1-1 banii dubbisi*!

Akkana jedha:-

'*Duraan dursa rabbi samii dachii uumee* "

mee jecha kana xin xalli laali waaqatu afaan ufiitiin dubbataara moo nama birootti dalagaa waaqaa dubbata,aara? meee ufuma keetii murteesii.

***qeesichi:-*** kanamma namoota kitaaba keenna barreesantu dubbata'aara ta'uu ifaa.

***qamer***:- meee jecha kana kan eennu jettee qabattaa naa himi?

***Qeesicha***:- kan Nabi Muuseeti Musee tuu barreesee.

***Qamar***: muusee qofaa ree? kan biroollee namni toraatiin barresse ni jiraa mee ittuma dabali.

***Qeesichaa***:- iyyaa suunis barreeseera.

***Qamar***:- kan akka Hizqeelii, kan akkaa Isaayyaasi, kan akka Ermiyaasii, kan akkaa Asteerii< kan akkaa Iyyoobif, kan fafakkaatan namoota tooraatiin barreessan maaf han'bifte?

***Qeesichaa***:- sirridhaa jarris kitaabuma keenna kana keessatti orituma boodaan barreesaniiruu hin yaadanne ni erranfadhee.

***Qamar***:- mee oritiin asumatti dhiisii wongeela keessan namoota barree ssan nuug himii.

***Qeesichaa***:- maatiwoosi - yunaannis - maar qoosif - luqaasitu - barreese

***Qamer***:- mee ammas xiqqoo ittuma dabali.

***Qeesicha***:- wongeelonni Afran kana qofa.

***Qamar***:- akkam? xalayaan phaawulos biyyoota 13 barreesse sunniin hoo wongeela jedhamanii hin waa mamanii? keessatuu phaawulos wongee laawii jedhamaamii? maaf irraanfattee?

2.ffaa:- የሐዋርያት ሥራ Hojjaawwaan Hawariyyoota hon? maal jedhaman.

3.faa:- የዮሐንስ ራዕይ mudhata Yunannisii mudhate hoo hin irraan fattee?

***Qeesichaa***:- sirriidhaa irranfadheeti dhiifama!

***Qamer*** : womaa miti haa ta'uu garuu mee wolii galatti namoonnii kitaaba keessan barreessan baay' inni isaanii namoota 60 ol ta'uun bee kamaadha. namoonnii kunniin Hunduu nabiyyoota rabbiiti ilaalcha jedhu qabidaa?

***Qeesichaa***.:- gaaruu Hunduu nabiyyoota jechuu irrratti ragaa yoo dhabamellee nabiyyoonnis ni jiruu.

***Qamar***:- መጽሐፉ አስቴር Aster tan jedhamtu sun hoo? Isiinis nabiyyii dha? waaqini dubartii hin ergatuu enyutuu isii ergee.

***Qeesichaa***:- miti! miti! Duraanu Aster nabiyyii miti sin jedheera.

***Qamar***:- phaawulos hoo? nabiyyii! Rabbiiti?

***Qeesichaa***:- innis nabiyyii miti garuu waaqni waan jaalatuuf itti fayyadama?

***Qamer***:- maaatiwoos hoo nabiyyiidha?

***Qeesichaa***:- inni barata kiristoos malee nabiyyii ergame miti.

***Qamar***:- yuhaannis hoo?

***Qeesichaa***:- innis garuu akkumaa maatiwos barataa kiristoos malee nabiyyii miti.

***Qamer***:- eega barreessonni kitaaba keessanii nabiyyoota hin ta'in aangoo kitaaba waaqaa barreessuu entu kenneef dhugummaa jara kanaa hooo eentu mirkaneesseef?

***Qeesicha***:- atiin ammaa na wojji haasoofitu kun aangoo eessaa argattee kunoo kiristaana biyyattii kana hunda jeeqaartaa?

***Qamer***:- ani dirqama rabbiin narraa kaa'e fudhadhee sochoo aaraa aangoo kanas rabbi irraa argadhe jechuu nidan'da?

***Qeesicha***:- innis akkuma keee rabbii irraa argate.

***Qamer***:- eega namooonni kitaaba keessaan barreessan namootuma akka kiyyaa yoo ta'an ani kunoo namaa nidogongora jarris nidongongoran jettee hin shakkitu?

***Qeesicha***:- wnta kiritaanni adunyaa hundi itti wolii gale yoo shakkees an tokkichi dubbadhee maal fida?

***Qamar***:- eegaa dhugaa kana Hundaa osoo beettuu ammas kitaabni kun jecha waqaati jettee yoo namortu waaqa si uume hin sodaattuu?

***Qeesicha***:- ati hoo anaa jaarsa abbaa keee ta'u yoo akkanatti natti kolfisiisaa na saalfachiiftuu rabbii ni jaalataa?

***Qamar***: ani dhugaa ifa baasuuf xaara aara galata malee jibbaa waaqa hin mudadhuu jedhee abdadha ati garuu dhugaa beettu tana maa dhossitta?

***Qeesicha***:- ummanni. kiristaana bakka na buufatee oduu mindaa naa kafaluu maal haa jedhuu barbaadda?

***Qamar***:- garuu dhugaa kittabticha keesan rabbi irraa hin buune jechuu ni beettaa?

***Qeesicha***:- shakkii tokko tokko akka dhuunfatti qabaa dhullee jechaa waaqaatimi jedhee hin murteessu.

***Qamar***:- meee gaaafii takkaa si gaafadhaa naa deebisi ;

Kitaabni kiristaanota rbbi irraa bu'e jettee yoo ka amantuu wonti isa keessatti barreefamee hunduu jechuma waaqaati jechuudha?

***Qesicha***:- ee kaa! jedhee akka namaa saalfatuu ijaan kitaaba laala.

***Qamer***:- *kitaabin keessan marqoosii 16- Bo. 16 irratti namni iyyasuusitti amanee tokkoo*

*1. maqaaa iyyasuusitiin jinnii nama keessaa baasaa:-*

*2. lugaa haara waan dubbatan:-*

*3. bofa harkkan qabaan:-*

*4. <u>summii nama ajjeessullee yoo dhugan hin du'an</u>* jedhaa.

jichoonni kuniin jechootuma waaqaatii?

***qeesicha*** : ee kaa! shakkii malee.

atii qeesii garuu namoota iyyasuusitti amanaan san keessaa tokkoo ta'uun kee shakkii hin qabuu kanaaafuu wontoota afran kitaabini keessan dubbatu kana keessaa ammaa summii namaa ajjeesuu yoo sittii keennine dhuddaa?

*qeesicha*:- ani gama kiyaan wontoota sadan duraanii sanneen ni dalagaa garuu kan 4.ffaa kana kiristaanonni asitti bahan kuniin haa raawwatanii

*qamer*:- kiristaanonni as jirtan garuu yaada marrii dhageettanii ajaja kitaaba waaqaa raawwachuuf wol dorgomuu qabdan natti fakkaata ani gama kiyyaan kunoo summii qopheesse namni kitaabni kiristaanota dhugaa jechuma waaqaati jettanii hoo narraa fuudhaa summii kana dhugaa yoo dhuguu diddan garuu kitaabni kun jecha waaqaatimi falsafaa nama yaada namaa gadii tauu naa amnaa woltajji keennas kanumaan haa xumuurru.

*kiristaanonni*:- kan abbaan kiristinnaa qeesiin dheessee entu summii kana haa dhuguuf nu gaafattan isumatti deebisaa haa dhuguu.

*qeesichaa*:- hin maraadhee kan summii dhugee harkaan ufi ajjeesuu. anis akkuma keessan lubbuu qaba eentu du'ee eentu nyaata?

*kiristaaninni*:- qeesii taatee mindaa keennaa nyaataa akkana jettaa?

*qeesicha*:- mindaan keessan haa hafu malee udu ijaan laal summii dhugee hin du'u ani duraanu kitaaba keenna irrat

eddoo tokko tokko laalee shakki guddatu na keessa kan seenee jiruu mormiin hardhaa naa mirkaneesseera mee nadhiisaa.

***ummanni***:- amma summii kana akkam goona ree? eenyu haa dhugu jetta ree? gaafii muslimaa kana nurraa deebisi?

***qeesichi***:- namni kitaabni kun ammas jecha waaqaatii rabbutu naa buuse jedhu yoo jiraate haa dhugu itti kennaa.

ani gama kiyyaan hardha irraa jalqabee hanga waan na dhibe woyii qulqulleeffadhuuf amantiif kitaaba kamittuu kan waaqaati jedhee kan hin amanne tauu isin hunduu akka naa hubattan barbaada.

***kiristaanonni***:- kana uduu beettu hanga ammaa maaf callifte?

***qeesichi***:-dhugaa dubbadhuu yoo jettaan jiruu tiyyaaf kokkemaa tiyyaaf jedhee hanga hardhaa kijibaara malee wonti nuqabannee deemnuu hunduu kijiba ta'uu erga hubadhee woggaa 8 ol ta'eera.

Kiristaanonni as jirtan yoo natti (amantii Muslimaa) mufattanillee amantiin dhugaa amntii islaamatti garuu kan isii awwaales ummatumaa muslimaati dhugaa qabatanii maranii irra taa'an nutii ammoo dhaara baadhannee halkanii guyyaa iyyina ani dhugaa jirtu dubbadhee kafeettan qabadhaa kadiddan fagaadhaa.

***Qamar***: anis gama kiyyaan yaada kiyyaa xumuuree rabbiin dhugaa ati baaftee kanaf jazaa adduyna aakirattis sii haa kafalu Islaamummas si haa badhaasuu gama kiyyan xumuureera jedhee cadhise.

***Kiristaanonni***:-gaariin mufataa:- gariin tuffataa:- gariin komataa:- gariin mormataa:- gariin dhoffataa:- gariin dhokataa bibittinaa'yan. Qeesichiif qamar wojjin haasyaa akkana jedhaa gadi bahan.

***qamer***:- qeesicha kana! Ani garuu baay'ee sii sodaata'aara dhugaa ati ifa baafte kanaaf kiristaanonni keessan aariidhaan miidhaa sirraa gessuu waan danda'aniif ufi eeggannoo cimaa gochuu si bar baachisa.

***Qeesichaa***:- inumaa ijoollattii tiyyaa tanaaf rakkadhe malee ammaan tana gara amantii dhugaatti deebiuu bar baada.

***Qamer***:- rakkinna ijoollee teetitiif mindaa keellee rabbitu jiraa nuti ummanni muslimaa sirraa fudhaannaa nutti dhiisi garuu ati sodaa tokkoo malee asumatti shahaadaa qabadhuu rabbitti deebi ii.

Wonta akkkanaa kun garuu gara kuteenna gudaa barbaadaa akka dhiiraa muradhuu.

***Qeesichaa***:- garuu akkuma ati jette kanaan booda jara birattis gatii qaba natti hin fakkaatuu wolaa baduu irraa akkuma jette ful- takkitti muslimuma ta'uu naa woyyaa garuu namni maal naan jedha.

***Qamar***:- gara kuteenyaan rabbii dhugaa qabachuun ulfinnaa fida malee salphinnaa hin fiduu rabbiin abdadhuu.

salphinni guddaan jaarsi hangana gahu kun kokkeedhaaf jedhee dhugaa dhiisee sobaan jiraachu tuu salphinna.

***Qeesichaa***:- dhugaa keeti salphinni kan boruttu caala.

*Qamar*:- mee waa argitaa Ashihadu qofa jedhee islamummatti onnee guutuun seeni milkii Hundaa booduma Argitaa.

***Qeesichaa***:- booyuu eegalee.jennaan harka qabee gara konkolaataa kiyyaa deemen qeessonni lamaas nu faana dhufanii isuma wojji mana kiyyaa seennii akka boqatanii deeman affeere konkolaata kiyyaan qeesonni lamaa qeesichuma wojji shahaada deebi anii rabbitti amananii yeroo amma gama hundaanuu milkii baldhoo irratti argaman.

Aababii kanaan Kristaanonnii 144 Islaamummaa qabataniiru.

*Al hamdu lillaahi rabbil aalamiin*

rabbiin jannata ufii bareedduu sanillee isaaniif fakkataa isaanii akkasumaas anaa akkanatti xaaree kanallee isnii kitaaba kana uduu hin hifatin dubbisellee jannataa ufiii nu haa badhaasu isinii kitaaba kana dubbisee hubatee kan birotii dabarsellee waa hundaanu rabbiin haa milkeessuu.

Oromoo teennna tan kiristaana ta'uuf yaaltu ta uffi qeesii ufii hin taatuu jaruma gootullee rabbii hirribaa irraa nuu haa dammassuu kiristoos nama tauu beeksisee rabbii dhugattii haa dachaasu jedhaa shahaada qeesicha keennatiin kitaaba kiyya kana xmuura raabbiin namaa dhugaa argee dammaquumi nama dhugaa argee qabatu hundaa kan milkeessu ta'uun shakki takkallee hin qabu sabni kabajamaan keenna hunduu beeka dhugaa qabadhaa.

***Qeesicha***:- amma mee maal haa jedhuu?

***Qamer***:- *ashihadu an laa ilaaha illallah jedhe ...*

أشهد أن لا إله إلا الله، وأشهد أن محمدا رسول الله، وأن عيسى عبد الله ورسوله وكلمته ألقاها إلى مريم، وروح منه والقران كلام الله.لا إله إلا الله محمدا رسول الله .

**Hiikkaan:-**

Rabbii tokicha malee rabbiin biraa hin jiruu nabiyyiin Muhammad s.a.w ergamaa rabbiitii gabirchaa isaati nabi iisaan ta'ii rabbii saniin dhalatee qur'aannis jechaa waaqaattii.

Amantiin dhuga Islaamuummaa qofa ta'uu maqaa rabbitiin ragaa ta'a.

*Alhamdu lillaahi rabbil aalamiin*

*----------- xumuurame ----------*

*Qamer Huseen Elemoo*

*finfinnee -2000*

والسلام عليكم ورحمة الله

إعداد قمرحسين من شرق إفريقيا

آديس أبابا إثيوبيا

Addis Ababa Ethopia

م ٢٠٠٠

مطابع السفراء ت: ٤٤٨٨٩٨٢-٠١ ف: ٤٤٦٧٣٢٣-٠١

كتب الجاليات

٤

٢٠٢


مكتب الدعوة بالسلي

هاتف ٢٤١٠٦١٥ ٠١١ تحويله ٥٥٥ - ٢٤١٤٤٨٨ ٠١١ ناسوخ ٢٣٢


# القس والشيخ




حساب التبرعات بمصرف الراجحي: SA2280000296608010070509

حساب التبرعات بمصرف الإنماء: SA5305000068200517913000

حساب التبرعات بنك البلاد: SA5615000999115390770007


اورومو